
የሽግግር ፍትህ
TRANSITIONAL JUSTICE

# IMAAMMATA HAQA CE'UMSAA FEDERAALA DIIMOKIRAATAWAA RIIPPAABLIKA ITOOPHIYAA

## Mana Maree Ministeerotaan kan Ragga'e

Bitootessa 2016 A.L.I



IMAAMMATA HAQA CE'UMSAA FEDERAALA DIIMOKIRAATAWAA
RIIPPAABLIKA ITOOPHIYAA

Mana Maree Ministeerotaan kan Ragga'e

Bitootessa 2016 A.L.I

# Baafata

Seensa ....................1

Hiika Jechootaa fi Gaaleewwanii ....................3

**1. DHIMMOOTA WALIIGALAA ....................4**

1.1. Moggaasa ....................
4

1.2. Haalota Ka'umsaa fi Barbaachisummaa Imaammatichaa ....................4

1.3. Aangoo Imaammaticha Baasuu ....................5

1.4. Kaayyoo Imaammatichaa ....................5

1.5. Qajeeltoowwan Imaammatichi Ittiin Hoogganamu ....................5

1.6. Daangaa Raawwatiinsaa ....................6

**2. DHIMMOOTAA FI KALLATTIIWWAN IMAAMMATAA.................... 7**

2.1. Itti Gaafatamummaa Yakkaa ....................7

2.1.1. Yakkoota Qorannaa fi Himannaan Irratti Taasifamu ....................7

2.1.2. Balleessitoota Qorannaan Irratti Geggeeffamuu fi Himannaan Irratti Banamu ....................8

2.1.3. Sirna Dhaabbataa Qorannaa fi Himannaan Yakkaa ittiin Qajeelfamu ....................8

2.1.4. Sirna Dhaabbataa Adeemsi Murtii ittiin Qajeelfamu ....................9

2.2. Dhugaa Barbaaduu, Ifa Baasuu fi Gochoota Araaraa ....................10

2.2.1. Dhimmoota Dhugaa Barbaaduun, Ifa Baasuuni fi Gochoonni Araaraa Hojiirra itti Oolan ....................10

2.2.2. Sirna Dhaabbataa Hojiileen Dhugaa Barbaaduu, Ifa Baasuu fi Gochoonni Araaraa ittiin Raawwataman ....................11

2.3. Baraarsa Haal-duree Irratti Hundaa'e ....................11

2.3.1. Haalota Baraarsan Itti Hin Kennamne ....................12

2.3.2. Haal-dureewwan Baraarsadhaaf Gahaa Taasisan ....................12

2.3.3. Sirna Dhaabbataa Gochi Baraarsaa Ittin Raawwatamu ....................12

2.4. Beenyaa ....................13

2.4.1. Gosoota Beenyaa Hojiirra Oolanii fi Dhimmoota Xiyyeeffannoon Irratti Taasifamu ....................13

2.4.2. Sirna Dhaabbataa Beenyaan Ittiin Geggeeffamu ....................13

2.5. Fooyya'iinsa Dhaabbilee ....................13

2.5.1. Dhaabbilee Hojiin Fooyya'iinsa Dhaabbilee Irratti Xiyyeeffatu ....................14

2.5.2. Adeemsa Dhaabbataa Hojiin Fooyya'iinsa Dhaabbilee Ittiin Geggeeffamu ....................15

2.6. Daangaa Yeroo Hojiirra Oolmaa Haqa Ce'umsaa ....................15

2.7. Hojiirra Oolmaa Haqa Ce'umsaa Keessatti Gahee Naannolee ....................16

2.8. Haqa Ce'umsaa Keessatti Gahee Sirna Haqaa Aadaa ....................17

2.9. Dhimmoota Ijoo Hedduu of Keessaa Qaban (Cross-Cutting Issues) ....................17

**3. GAHEE MOOTUMMAA FI QAAMOLEE QOODA FUDHATTOOTAA FI SIRNA DEEGGARSAAF HORDOFFII................................................................................................................................ 19**

3.1. Gahee Qaamolee Mootummaa fi Qaamolee Qooda Fudhattootaa ........................................................ 19

3.1.1. Gahee Qaamolee Mootummaa ........................................................................................................ 19

A. Ministeera Haqaa ........................................................................................................................ 19

B. Ministeera Maallaqaa.................................................................................................................... 19

C. Koomishinii Siivil Sarvisii ............................................................................................................ 20

D. Abbaa Taayitaa Dhaabbilee Waldaa Siivikii **....................................................................... 20**

E. Koomishinoota Poolisii Federaalaa fi Naannoo ................................................................................ 20

F. Mana Maree Bakka Bu’oota Uummataa ............................................................................................. 20

G. Ministeera Nagaa ........................................................................................................................ 21

H. Ministeera Dhimma Dubartootaa fi Hawaasummaa ............................................................................ 21

I.Tajaajila Istaatistiksii Itoophiyaa ................................................................................................ 21

J.Dhaabbilee Barnoota Olaanoo ........................................................................................................ 21

K. Gahee Dhaabbilee Mootummaa kan Biroo ......................................................................................... 21

3.1.2. Gahee Qaamolee Qooda Fudhattootaa ........................................................................................... 21

A. Koomishinii Mirga Namoomaa Itoophiyaa ........................................................................................ 21

B. Koomishinii Marii Biyyoolessaa Itoophiyaa ...................................................................................... 22

C. Dhaabbilee Hawaasaa Siivikii ........................................................................................................ 22

D. Mana Maree waliinii Paartiilee Siyaasaa Itoophiyaa ........................................................................ 22

E. Paartiilee Siyaasaa.......................................................................................................................... 22

F. Gahee Qaamolee Qooda Fudhattoota Biroo ......................................................................................... 22

3.2. Raawwii, Hordoffii fi Sirna Deeggarsaa Imaammatichaa ..................................................................... 22

# Seensa

Mootummaan F.D.R.I waliigalteewwan Idil-addunyaa fi akka Ardiitti biyyattiin simatte, akkasumas itti gaafatamummaa Heera mootummaatin mirga namoomaa fi diimookiraasii lammiilee kabajuu fi kabachiisuu irra kaa'ame bahachuuf, misooma hawaas-diinagdee babal'isuu fi ijaarsa sirna diimookiraasii dhugoomsuuf imaammatoota, tarsiimoowwan, seerotaa fi karoorawwan yeroo gabaabaa fi dheeraa baafachuun hojiirra oolchaa tureera.

Keessattuu gama kanaan bara 2010 irraa eegalee jijjiirama siyaasaa ta'e hordofuun, mootummaan waldhabdeedhaf, walitti bu'iinsaaf, sarbamuu mirgoota namoomaa fi gaafiwwaan uummataa garaa garaatif deebii ni kennu, qabiinsa mirga namoomaa ni fooyyessu, gaafilee haqaa fi bulchiinsa gaarii ni deebisu, sababoota bu'uraa waldhabdee fi walitti buu'iinsaa ta'aniif furmaata ni ta'u, walumaagalatti olaantummaa seeraa mirkaneessuuf, ijaarsa sirna diimookiraasii saffisiisuuf, misooma hawaasummaa fi diinagdee haqa qabeessa ta'ee akkasumas sirna siyaasaa hirmaachisaafi hammataa ta'ee ijaaruuf oluu kan danda'an hojiilee fooyya'iinsa seeraa fi dhaabbilee garaa garaa hojiirra oolcheera.

Haa ta'u malee waggoota darbaniifi barootta isaan dura turan keessatti wal dhabdeewwaan, wal muuffii, walitti buu'iinsa ulfaatoo fi sarbamiinsa mirgoota namoomaa iddoowwaan garaa garaa biyyattii keessatti uumamaniin lammiilee hedduun manaa fi qabeenya isaanii irraa buqqa'aniiru, manca'uu qabeenyaa, miidhamuu qaamaa fi du'aaf saaxilamaniiru, akkasumas kutaalee biyyattii hedduu keessaatti duudhaaleen waliin jiraachuu fi wal danda'uu barootaaf dagaaganii turan laafaniiru. Walumaagalatti waldhabdeewwan, waraanni, walitti bu'iinsii fi sarbamiinsi mirga namoomaa yeroo yerootti muudatan haala biyyattii balaa hammaataf saaxilan uumamee jira.

Biyyattii keessatti sarbiinsa mirga namoomaa irra deddeebbiin uumamanii fi itti fufan kan hanga balleessitootaa fi miidhamtoota bal'aa qaban, walitti bu'iinsa waliin waliinii, seenessaalee hin qulqulloofnee fi miidhaalee garaa garaa furuuf yaaliiwwan garaa garaa taasifamaniiru. Ta'uyyuu hojimaanni kunneen tooftaa haqa ce'umsaa dhugaa, araara, dhiifamaa fi haqummaa irratti hundaa'ee fi imaammata ifa ta'een hoogganamu irratti kan hin hundoofnee fi mirgoota namoomaaf xiyyeeffannoo kan hin kenninee fi hin qindoomne waan ta'aniif furmaata waaraa barbaachisu fiduu hin dandeenye.

Kana waan ta'eefis, rakkoowwanii fi qormaatawwan biyyoolessaatif fala bu'uraa kaa'uu ilaalchisee, yaaliiwwan akka biyyaatti turanii fi muuxannoowwan gaggaarii biyyoota biroo irraa barachuun, sanadoonni idil-addunyaa rogummaa qaban waa'ee sadarkaawwan adeemsa haqa ce'umsaa irratti kaa'an tilmaama keessa galchuun, sirna haqa ce'umsaa guutuu ta'e biyyaattitti hojiirra oolchuudhaan rakkoowwan yeroo yerootti muudatan jalaa bahuu fi nageenya waaraa fi haqa mirkaneessuun barbaachisaadha.

Qabiyyeen Imaammata Haqa Ce'umsaa Gamtaa Afrikaa bara 2011 Finfinneetti mirkanaa'ee, haqni ce'umsaa biyyoonni tarkaanfiiwwan imaammataa fi hojimaatawwan dhaabbilee fayyadamuun, sarbiinsota darban, qoqqooddiiwwanii fi wal dabarsaawwan turan hambisuuf akkasumas nageenyaf, diimookiraasidhaaf, ijaarsa jijjiirama sirna hawaas-diinagdeetif haala mijata uumuuf kan taasifamu yaalii barbaachisaa akka ta'e addeessa. Akka muuxannoo biyyoota garaa garaa irraa muul'atettits, sirni haqa ce'umsaa waraana waliin waliinii, walitti bu'iinsaa fi cunqursaa keessaa bahuun, ijaarsa sirna diimookiraasii fi siyaasaatiin ce'uma hiikaa qabu taasisuuf biyyoota hedduu yaalii taasisan keessatti raawwatameera, nagaa waaraa, dhugaa, araaraa fi haqa irratti hundaa'e argamsiisudhaanis gumaacha olaanaaa taasiseera.

Biyyattii keessatti seenessaaleen barootaf raawwatamanii fi ammas itti fufan, gadoowwan, walshakkiiwwan, waraanni waliin waliinii, nagaan dhabamuu, tasgabbiin dhabamuufi kanneeniin walqabatanii sarbiinsotni mirgoota namoomaa olaanaa ta'an bal'inaan jiraachuu isaanitiin wal qabaatee rakkoowwan kanaaf furmaata waaraa kennuu fi haqa hunda hammate mirkaneessuuf biyyattiin sirna haqa ce'umsaa guutuu ta'e keessa akka dabartu gochuun dhimma duursi kennamuuf akka ta'e qorannaan garee ogeessotaa walaba ta'aniin geggeeffame mirkaneessee jira. Haaluma wal fakkaatuun kaaba Itoophiyaatti waraana banameen wal qabatee Komishiniin Mirgoota Namoomaa Itoophiyaa fi Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti Waajirri Komishinii Olaanaa Mirgoota Namoomaa bu'aa qorannoo waliinii isaan baasaniin sarbiinsonni mirga namoomaa fi yakkoonni waraanichaan qaqqaban sirna haqa ce'umsaatin ilaalamuu akka qaban yaada furmaataa dhiyeessanii jiru. Dabalataanis, waraana kaaba biyyattiitti tureen wal qabatee mootummaa Federaalaa fi Adda Bilisa Baasaa Uummattoota Tigraay (ABBUT) gidduutti

waliigaltee nagaa Afrikaa Kibbaa Piriitooriyaatti mallattaa'e irrattis yakkoonnii fi sarbiinsonni mirgoota namoomaa waraanichaan dhaqqaban adeemsa haqa ce'umsaatin furamuu akka qaban kaa'ameera.

Kana irraa ka'uun akkasumas marii uummataa sadarkaa biyyaatti geggeeffaman ilaalcha keessa galchuun rakkoowwan walxaxaa yeroo adda addaatti biyyattii keessatti uumaman bu'ra irraa furuun akka danda'amuuf sirna haqa ce'umsaa hirmaachisaa fi hammataa ta'e, kan tumaale mirgoota namoomaa idil-addunyaa waliin wal sime, qajeeltoowwan ce'umsaa bu'uraa kan hordofe, haala qabatamaa biyya keenyaa kan tilmaama keessa galche akkasumas raawwii isaa adeemsa hirmaachisaa fi mirgoota namoomaa irraatti akkaataa xiyyeeffateen duursuunii fi tooftaalee jiran qindoominaan hojiirraa oolchuun nageenya waaraa, olaantummaa seeraa fi haqa mirkaneessuu dandeessisu guutuu biyyaatti hojiirra oolchuun barbaachisaa ta'ee waan argameef imaammanni haqa ce'umsaa kun bahee jira.

# Hiika Jechootaa fi Gaaleewwanii

Imaammata kana keessatti jechoonni/gaaleewwan armaan gadii hiikaa asiin gaditti kennameef qabaatu:-

1. **Dantaa qorannaa fi himannaa yakkaa imaammata kanaatif "Sarbiinsa Mirga Namoomaa Olaanaa"** jechuun yakka bal'inaan yookan haala walitti fufiinsa (pattern) qabuun tooftadhaan raawwatame yoo ta'u irra caalmadhaan yakka sanyii namaa duguuguu, yakka waraanaa, yakka namummaa irratti raawwatamu, yakka murtee malee adabbii du'aa raawwachuu, yakka dirqamsiisanii nama dhabamsiisuu, qabiinsa faallaa namummaa ta'e, yakka dirqisiisanii gudeeduu fi saala bu'ureeffachuun raawwatamu, yakka qaama miidhamtoota irratti raawwatamu, yakka sabummaa, amantaa, ilaalcha siyaasaa bu'ureeffachuun raawwatamu (persecution) yookan bu'ura waliigalateewwan idil-addunyaa Itoophiyaan simattee ragaasifteetin yakka sarbiinsa mirga namoomaa yakka seera yakkaa idil-addunyaa darbuu yookan seera namummaa darbuu jedhamee yakka kaa'ame kan biraa kamuu ni dabalata;
2. **"Balleessaa Hirmaannaa Olaanaa Qabu"** jechuun sarbiinsa mirga namaa olaanaa ta'e karoorsudhaan, duursudhaan, qindeessudhaan yookan ajeja kennuudhan akka raawwatamu kan taasise, itti gaafatamummaa olaanaa qabaatee itti gaafatamummaa isaa bahachuu dhabuu isaatin miidhaan akka dhaqqabu yookan kaka'umsa mataa isaatin kallattiidhan kan raawwate yookan haala kan biroo kamiinuu raawwii yakkichaa keessaa gahee olaanaa nama qabuudha;
3. **"Haqa Barbaaduu"** jechuun toftaa haqa ce'umsaa sarbiinsa mirgoota namoomaa olaanoo, miidhaawwanii fi sababa bu'uraa, gosa, hangaa fi ta'iinsa dabuu haqa hawaasummaa fi diinagdee miidhamaa irraatti akkaataa xiyyeefateen barbaaduuf, adda baasuu fi ifa baasuf kan gargaarudha;
4. **Kayyoo Haqa Barbaaduu Immaammata Kana Keessatti Ilaalameef "Sarbiinsa Mirga Namoomaa Olaanaa"** jechuun yakka bal'inaan yookan haala walitti fufiinsaa qabuun tooftadhaan raawwatame , seera mirgoota namoomaa idil-addunyaa, seera yakka idil-addunyaa yookan seera namummaa darbuun kan raawwatamu yoo ta'u yakka biroo gosaa fi miidhaa geessisuun adda bahu ni dabalata;
5. **"Araara"** jechuun miidhaawwan walitti bu'iinsan yookan dirree iddoo birootti muudatan, balleessaawwanii fi haqa dabeen walitti dhufeenya hawaasummaa fi duudhaa miidhame yookan laafe akkasumas walshakkiiwwan, jibbiinsonni, garaa-wal hanqannaan, gadoon akkasumas wal dhiibuuwwan uumaman fala akka argatan gochuun hariiroowwanii fi duudhaaleen turan kan ittiin suuphaman, akkasumas hojimaata jibbiinsi, wal shakkiinii fi wal qoqqooddaan ittiin ittifamu adeemsaa fi galma haqa ce'umsaa yaadrimee agarsiisudha;
6. **"Beenyaa"** jechuun miidhamtota iddoo turanitti deebisuu fi deebisanii dhaabuu, beenyaa, tarkaanfii dandamachiisaa, bayyanachiisaa, hojiilee yaadannoo fi tarkaanfiilee miidhaaleen geessifaman akka irra hin deebi'amne wabii mirkaneessuuf oolan kan ofkeessaatti qabatu tooftaa haqa ce'umsaa yaad-rimee dhimmoota hedduu of keessatti hammateedha;
7. "**Bayyanachiisa**" jechuun tarkaanfii miidhaa miidhamtoota irra gahe yookan sarbiinsa mirga namoomaa akkaataa sirrii ta'een ifa baasuu, sarbiinsota qaqqabaniif beekamtii kennuu fi ifatti dhiifama gaafachuu, miidhaa qaqqabeef hojiilee yaadannoo sirrii ta'e gochuu fi sarbiinsota mirga namoomaa wal fakkaatoo itti fufanii jiran dhaabsisuu gocha of keessatti hammatuudha;
8. **"Dandamachiisa"** jechuun miidhamtoonni miidhaa qaamaa fi xinsammuu irra gahe, badii fi madaan kan itti dandamatuu fi suphamu deegarsa yaala fayyaa , xinsammuu fi deeggarsa seeraa akkasumas tajaajiloota kanneen biroo kaayyoo kanaaf kennaman gosa beenyaa of keessatti dabalatuudha;
9. **"Miidhamaa"** jechuun kallattiinis ta'ee al-kallattiin kan sarbiinsi mirga namoomaa olaanaa ta'e irra gahe yoo ta'u, nama yookan hawaasa miidhaan du'aa, qaamaa, xinsammuu, qabeenyaa yookan miidhaan biroo irra gahe kan ilaallatudha;
10. **"Kutaalee Hawaasaa Xiyyeeffannoo Addaa Barbaadan"** jechuun dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtoota, maanguddoota, buqqaatota biyya keessaa, fi kutaalee hawaasaa saaxilamoo ta'an kanneen biroo kan dabalatuudha;
11. **"Naannoo"** jechuun naannoo bu'ura Heera mootummaa keewwata 47 tiin hundaa'e kamuu jechuudha;

# 1. DHIMMOOTA WALIIGALAA

## 1.1. Moggaasa

Imaammanni kun “**Imaammata Haqa Ce’umsaa Federaalawaa Diimookiraatawaa Riippaablika Itoophiyaa**” jedhamee waamama.

## 1.2. Haalota Ka’umsaa fi Barbaachisummaa Imaammatichaa

Itoophiyaan bakka jireenya sabootaa fi sab-lammoota hedduu, haadha aadaawwan, amantiiwwanii fi hambaalee barootaaf turanii akkasumas biyya calaqqistuu bilisummaa fi kabaja biyyoolessaa Afrikaanotaa taatedha. Itoophiyaan baroota darban keesstti diinagdee, siyaasaa fi hawaasummaadhan foyyaa’iinsa agarsiisuu kan dandeesse ta’ullee, yeroo adda addaatti walitti bu’iinsonni, miidhaawwanii fi sarbiinsonni mirga namoomaa taatummaa dhaabbilee mootummaa fi miti mootummaa fi namoota dhuunfaatiin raawwataman irra deddeebiin tattaaffii biyyaattii keessatti nageenyaa waaraa fiduuf, qabiinsa mirgoota namoomaa fooyyeessuuf yaalii ijaarsa sirna diimookiraasii irratti dhiibbaa uumee kan tureefi ammas dhiibbaa uumaa kan jiruudha.

Biyyattii keessatti sarbiinsota mirgoota namoomaa fi yakkoota yeroo adda addaatti raawwatamaniif karaa sirrii ta’een deebii kennuufi itti fufiinsan akka irra hin deebi’amne dirree siyaasaa mijataa uumuudhaan wal qabatee sirnoota mootummaa adda addaa keessatti yaaliwwan muraasni itti gaafatamummaa, araaraa fi qabiyyeewwan haqa ce’umsaa biroo hammatan taasifamaniiru. Haa ta’uutii garuu tarkaanfiiwwan fudhataman irra jireessan miidhamtoota kan hin hirmaachifne, iftoominni kan hanqatu, hunda kan hin hammanne, tooftaalee haqa ce’umsaa keessaa himannaa fi araara irratti qofa kan xiyyeefatanii fi tooftaalee kan biroo bifa qindoomeen kan hojiirra hin oolchine turan. Fooyya’iinsonni dhaabbilee taasifamanis jijjiirama itti fufaa fi itti gaafatamummaa guutuu fiduu dadhabuu isaanitiin sarbiinsota mirgoota namoomaa barooticha keessatti raawwatamanii fi gaafilee haqaa ka’an itti fufiinsan furuuf akkasumas nagaa waaraa, haqaa fi diimookiraasii mirkaneessuu osoo hin dandeenye hafanii jiru.

Sirni haqa ce’umsaa kamuu qajeeltoowwan mirgoota namoomaa idil-addnuyaa irratti kan bu’ureeffame, hunda hammataa fi raawwiin isaa hirmaachisaa kan ta’e yoo ta’e, nagaa waaraa fi haqa mirkaneessuuf akkasumas ijaarsa biiyyoolessaa dimookiraatawaa ta’e saffisiisuuf gumaacha murteessaa ta’e akka qabu muuxannoo qabatamaan biyyoota biroo ni agarsiisa. Sarbiinsi mirga namoomaa olaanaa fi hangaan bal’aa ta’e akka irra hin deebi’amne gochuu keessattis gaheen inni qabus olaanadha.

Itoophiyaatti miidhaawwan barootà irraa baratti cehaniif haqa mirkaneessuuf, gadoowwan hirdhisuufi walitti bu’iinsaa fi sarbiinsa mirga namoomaa itti fufee jiru hanga dhumaatti dhaabuuf, yeroo kamuu caalaa itti gaafatamummaa mirkaneessuudhaan olaantummaa seeraa mirkaneessuun barbaachisaadha. Miidhaawwan qaqqabaniif akkasumas sarbiinsota mirga namoomaa raawwatamaniif dhugaa barbaaduu fi ifa baasuu, baraarsaa haal-duree irratti hundaa’e hojiirra oolchuu, araara namootaa fi hawaasaa saffisiisuu, sirna beenyaa hundeessuu, akkasumas hojiilee fooyya’iinsa seeraa fi dhaabbilee raawwachuun sirna haqa ce’umsaa guutuu miidhamtoota irratti xiyyeeffate hojiirra oolchuun daran barbaachiisaa ta’ee argamee jira.

Kana waan ta’eefis, kaayyoo fi adeemsalee raawwiin haqa ce’umsaa Itoophiyaatti hojiirraa ooluu hordofuu qabu ifatti kaa’uun, adeemsa raawwatiinsa isaatti tarkaanfiiwwan seeraa, hojimaataa fi ijaarsaa fudhatamaniif kallattii kaa’uuf , raawwatiinsi haqa ce’umsichaa haala qajeeltoowwan sanadoota idil-addnuyaa fi akka ardiitti jiran hordofeen raawwatamu mirkaneessuuf, walumaagalatti adeemsa haqa ce’umsaa wal-fakkeenya qabu, iftoomina, itti gaafatamuummaa fi haqa mirkaneessu geggeessuun akka danda’amuuf imaammata haqa ce’umsaa kana baasuun barbaachisaa ta’ee argamee jira.

## 1.3. Aangoo Imaammaticha Baasuu

Bu'ura Heera mootummaa F.D.R.I keewwata 51(2) tin mootummaan Federaalaa imaammatoota sadarkaa biyyaatti raawwataman baasuuf akkasumas raawwatamiinsa isanii hordofuuf aangoo kennameefiin imaammata kana baasee jira.

## 1.4. Kaayyoo Imaammatichaa

Kaayyoon waliigalaa imaammatichaa sirni haqa ce'umsaa qindaa'ee fi wal sime, dirree siyaasaa, hawaasummaafi diinagdee Itoophiyaa bu'ureeffate ittiin geggeeffamuu fi raawwatamu diriirsudhaan haala nageenyi waaraa, araarri, olaantummaan seeraa, haqnii fi diimookiraaasiin ittiin mirkanaa'u uumuudha.

Imaammatichi kaayyoowwan tarree/gooree armaan gadii qabaata:-

1.4.1. Qabiyyee haqa ce'umsaa keessatti qorannaa yakkaa, himannaa, dhugaa barbaaduu, araara, baraarsaa hal-duree irraatti hundaa'e, beenyaa fi fooyya'iinsi dhaabbilee kaayyoo, galmaa, walitti dhufeenyi isaan qabaatanii fi qajeeltoowwan bu'uraa ittiin geggeeffaman fi qindoomina dhaabbilee ifatti kaa'uu, hojiirra oolmaa isaaniif kallattii seeraa, hojimaataa fi gurmaa'insaa sirrii kaa'uu;

1.4.2. Daangaa yeroo hojiirraa oolmaa tooftaalee garaa garaa imaammata haqa ce'umsichaa ifatti kaa'uu;

1.4.3. Adeemsa raawwii haqa ce'umsaa keessatti gahee sirnootni haqaa aadaa qaban ifatti kaa'uu;

1.4.4. Adeemsa raawwii haqa ce'umsaa keessaatti gahee fi hirmaannaa naannoleen qaban agarsiisuu;

1.4.5. Adeemsa raawwii haqa ce'umsaa keessatti gahee kutaaleen hawaasaa xiyyeeffannoo addaa barbaadanii fi miidhamtoonni qaban akkasumas xiyyeeffannoo addaa kennamuufi qabu ifatti kaa'uu.

## 1.5. Qajeeltoowwan Imaammatichi Ittiin Hoogganamu

Imaammatichi qajeeltoowwan armaan gadiitin hoogganama:-

1.5.1. **Adeemsa hojiirraa oolmaa mirga namoomaa irratti xiyyeeffate**:- Gochaalen adeemsa raawwii haqa ce'umsaa keessatti taasifaman seerota, qajeeltoowwanii fi duudhaalee sanadoota idil-addunyaa,akka ardiitti jiranii fi biyyoolessaa haqa ce'umsaa ilaallataniin kaa'aman ilaalcha keessa galchuun kan raawwataman ta'u;

1.5.2. **Miidhaa yookan badii irraa eegamuu**:- Adeemsi haqa ce'umsaa nageenya hirmaataa fi miidhamaa kamuu kan eegee fi miidhaa yookan badii irra deebii kamuu irraa mirga eegamuu isaanii akkaataa mirkaneessen kan hojiirra oolu ta'a'

1.5.3. **Abbummaa Biyyoolessaa**: Adeemsi haqa ce'umsaa haala abbummaa biyyoolessaa mirkaneesseen fedhii, itti gaafatamummaa, abbummaa fi murtee mootumma, uummataa fi qooda fudhattoota kallattiitin duurfama;

1.5.4. **Sirna Raawwii Haala Naannoo Irratti Xiyyeefate**: Adeemsi sirna haqa ce'umsaa akkaataa haala qabatamaa naannoo fi biyyoolessaa tilmaama keessa galchee fi gaafii haqa ce'umsaa, karooraa fi abdii kutaa hawaasa hundaa adeemsa giddu galeeffateen raawwatama;

1.5.5. **Itti gaafatamummaa**:-Adeemsi haqa ce'umsaa itti gaafatamummaa akkaataa mirkaneessuun geggeeffama;

1.5.6. **Hundagaleessummaa**:- Adeemsi haqa ce'umsaa tooftaalee garaa garaa qindeessuudhaan bifa wal simuu fi wal sooruun akka barbaachisummaa isaatti duraa duuba akkaataa eegeen raawwatama;

1.5.7. **Hammatummaa fi Hirmaachisummaa**:- Adeemsi haqa ce'umsaa ilaalcha siyaasaan, amantaadhan, bifaan, saalan, umriidhan, haala hawwaasummaa fi diinagdeetin yookan garaagarummaa haala biroo irratti hundaa'ee osoo hin keessummeessin, haal duree fi ilaalcha loogummaa kamuu hambisuudhan akkaataa ifa, hunda hammataa, hirmaachisaa, sab-daneessummaa biyyattii keessa jiru calaqqisiisuu fi kutaa hawaasaa hundaa fi qooda fudhattoota ijoo ta'an akkaata hirmaachisuun raawwatama;

1.5.8. **Haala Raawwii Koorniyaa Irratti Hundaa'e**:- Adeemsi haqa ce'umsaa boqonnaalee qophii duursaa irraa hanga raawwii isaa guutuutti jiran hunda keessattuu durbartoonni hirmaannaa madaalawaa fi hiikaa qabeessa ta'e akka taasisan adeemsa mirkaneessuu danda'u diriirsa;

1.5.9. **Hirmaannaa Kutaalee Hawaasaa Xiyyeeffannoo Addaa Barbaadanii**: - Adeemsi raawwii haqa ce'umsaa fedhii fi ilaalcha kutaalee hawaasaa fedhii addaa barbaadanii fi buqqaatota biyya keessaaa tilmaama keessa kan galchu akkasumas adeemsicha irratti abbummaa isaan qaban kan mirkaneessu ta'a;

1.5.10. **Qindoominaa fi Walta'iinsa**:- Adeemsi haqa ce'umsaa qindoomina uummataa, mootummaa fi dhaabbilee miti mootummaa fi qaamolee qooda fudhattootatiin hojiirra oola;

1.5.11. **Malootaa Wal-dhabdee Hiikuu Aadaa Hojiirra Oolchuu**: - Sirnoota haqaa aadaa fi duudhaaleen biyya keenya keessatti argaman akka barbaachisummaa isaatti fooyya'iinsa malu akka taasisan gochuudhan adeemsa haqa ce'umsaa keessatti gahee akka qabaatan taasifama.

## 1.6. Daangaa Raawwatiinsaa

Imaammanni kun guutuu biyattiitti hojiirra kan oolu ta'a.

# 2. DHIMMOOTAA FI KALLATTIIWWAN IMAAMMATAA

## 2.1. Itti Gaafatamummaa Yakkaa

Itti gaafatamummaan yakkaa tooftaalee bu'uraa adeemsi haqa ce'umsaa ittiin raawwatamu keessaa isa tokko. Haqni ce'umsaa Itoophiyatti hojiirra oolu qorannaa yakkaa geggeessuunii fi himata hundeessuun hojimaata balleessitoonni itti gaafataamaa ittiin ta'an kan diriirsu ta'a.

Qabiyyee haqa ce'umsaa keessatti itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneessuun dirqama idil-addunyaa biyyattiin qabdu akka bahattuuf, mirga haqa argachuu namootaa mirkaneessuuf, nagaa fi tasgabbii fiduuf, olaantummaa seeraa mirkaneessuufi yakkoonni wal fakkaatan akka irra hin deebi'amne gochuuf baay'ee barbaachisaadha.

Kana waan ta'eefis adeemsa haqa ce'umsaa keessatti yakkoota qorannaa fi himannaan irratti raawwatamuu fi balleessitoota adda baasuuf akkasumas qorannaa yakkaa, himannaa fi adeemsa murtii qaamota raawwatan qabiyyee imaammatichaa keessatti ifatti agarsiisuun barbaachisaa ta'a.

### 2.1.1. Yakkoota Qorannaa fi Himannaan Irratti Taasifamu

Itti gaafatamummaan yakkaa tooftaa haqa ce'umsaa olaantummaan seeraa ittiin mirkanaa'uu fi haqa mirkaneessuu ta'ee akka jiraachuu isaatti, adeemsa haqa ce'umsaa keessatti yakkoota qorannaan irratti geggeeffamuu fi himannaan irratti hundeeffamu adda baasun barbaachisaa ta'ee jira.

Heerri F.D.R.I akkaataa sanadoota mirgoota namoomaa idil-addnuyaa bu'ureeffateen sarbiinsotni mirgoota namoomaa olaanoo ta'an adeemsa himannaa yakkaa keessa darbuu akka qabaniifi dhiifamaniis ta'ee baraarsadhaan irraa darbamuu kan hin qabne akka ta'an ifatti kaa'ee jira. Haaluma wal fakkaatuun, sanadoonni mirgoota namoomaa Idil-addunyaa Itoophiyaan fudhatte biyyoonni sarbiinsota mirgoota namoomaa olaanaa ta'an irratti itti gaafatamummaa yakkaa akka mirkaneessan dirqisiisu. Imaammatni Haqa Ce'umsaa Gamtaa Afrikaatis adeemsa hojiirra oolmaa haqa ce'umsaa keessatti yakkoonni muraasni adeemsa himannaa yakkaa keessa darbuu akka qaban kaa'era.

Kaayyoo fi galmi gooroon haqa ce'umsaa tooftaa itti gaafatamummaa yakkaa qofa fayyadamuun haqa hunda galeessa ta'e fiduuf yaaluu miti. Tooftaalee haqa ce'umsaa hunduma akkaataa qindaa'ee fi wal simeen hojiirra oolchuun haqa mirkaneessuu, olaantummaa seeraa mirkaneessuu akkasumas nageenya waaraa fi tasgabbii fiduun barbaachisaadha. Sirna haqa ce'umsaa biyyattii keesstti raawwatamu keessatti qorannaa fi himannaa yakkaa sarbiinsa mirgoota namoomaa olaanaa ta'an qofa irratti xiyyeeffatetu hojiirra oola.

Adeemsa qorannaa fi himannaa yakkaa keessatti kan hin hammatamne sarbiinsotni mirgoota namoomaa olaanaa hin taane tooftaalee haqa ce'umsaa kan biroo fayyadamuun furmaata akka argatan taasifamu. Kanaafis, tooftaaleen haqa ce'umsaa akkaataa qindaa'ee fi wal simeen akka hojiirra oolan taasifamu.

Kana irraa ka'uun dhimmoota qorannaa fi himannaa yakkaatin wal qabatee adeemsa hojiirra oolmaa haqa ce'umsaatti tooftalee fi kallattiiwwan imaammaataa armaan gadii hojiirra ni oolfamu:-

- Ulaagaan yakka sarbiinsota mirga namoomaa olaanaa ta'e adda baasuu dandeessisu ifatti diriirfama;
- Yakkoota idil-addunyaa seera yakkaa biyyattii keessatti hin hammatamne ilaalchisee waliigalteewwan idil-addnuyaa biyyattiin fudhatte waliin akkaataa wal simeen qabiyyeen seeraa haarofti akka qophaa'u taasifama;
- Adeemsonni hojii hojiiwwan qorannaa fi himannaa yakkaa akkaataa guutuu ta'een hojiirra oolchuuf dandeessisan ni diriirfamu.

### 2.1.2. Balleessitoota Qorannaan Irratti Geggeeffamuu fi Himannaan Irratti Banamu

Adeemsa raawwii haqa ce'umsaa keessatti tooftaalee haqa ce'umsaa akkaataa qindaa'ee fi wal simeen hojiirra oolchuun dhimma haqa mirkaneessuu, olaantummaa seeraa mirkaneessuu fi nageenya waaraa fi tasgabbii fiduuf barbaachiisaafi bu'ura ta'eedha. Haala qabatamaa biyyattii waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu balleessitoota hunda irratti qorannaa taasisuu fi himannaa hundeessuun adeemsa filatamaa miti.

Baay'ina balleessitootaa, yeroo rawwii adeemsa haqa ce'umsaa, muuxannoo haqa ce'umsaa idil-addnuyaa akkasumas yeroo dheeraa fi baasii olaanaa hojii fi adeemsi balleessitoota irratti qorannaa taasisuu fi himaannaa banuun barbaadu waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu, xiyyeeffannoon hojii qorannaa geggeessuu fi himata hundeessuu kun balleessitoota olaanoo irratti qofa ta'a. Akkaataa kanaan, itti gaafatamummaa yakkaa mirkaneesuun adeemsa raawwii haqa ce'umsaa keessatti adeemsa fooyya'aa fi barameedha.

Balleessitoota sarbiinsa mirga namoomaa olaanaa irratti hirmaatan garuummoo hirmaannaa olaanaa hin qabne adeemsi akka rogummaa isaatti tooftaalee haqa ce'umsaa kan biroo fayyadamuun dhimmi isaanii ittiin ilaalmuufi furmaanni itti kennamu ni diriirfama.

Adeemsa raawwii haqa ce'umsaa keessatti balleessitoota qorannoon irratti geggeeffamuu fi himannaan irratti hundeeffamu ilaalchisee tooftaalee fi kallattiiwwan imaammataa armaan gadii hojiirra ni oolfamu:-

- Adeemsi ifa ta'e balleessitoota sarbiinsa mirga namoomaa olaanaa keessatti hirmaannaa yakkaa olaanaa qaban adda baasu ni diriirfama;
- Yakkoota imaammaticha keessatti hammataman ilaalchisee balleessitoota irratti itti gaafatamummaa guutuu mirkaneessuun akka danda'amuuf mirgi himatamuu dhabuu akka hojiirra hin oolle ni taasifama;
- Adeemsonni addaa qorannaa fi himannaa yakkaa imaammatichaa fi seerota imaammaticha raawwachisuuf bahaniin kaa'aman akkuma jiranitti ta'ee qorannaa himannaan Heera mootummaa, seera yakkaa fi seera adeemsa yakkaa irratti qorannaa fi himannaa wal qabatee qajeeltoowwanii fi tumaalee jiran bu'ura godhate hojiirra ni oola;
- Itti gaafatamummaa balleessittoota hirmaannaa yakkaa sadarkaa olaanaa qabaatanii biyya keessa hin jirree mirkaneessudhaaf biyya keessa jiraatan irraa dabarfamanii akka kennaman gochuuf hojiin barbaachisu ni hojjetama;
- Nama bakka aragama balleessaa hirmaannaa yakkaa sadarkaa olaanaa qabuu fi adeemsi qorannaa bira gahuu hin dandeenye eeruu kenne yookan balleessichi sarbiinsa mirga namoomaa olaanaa ta'e irratti hirmaachuu isaa ragaa agarsiisu nama dhiyeesseef hojimaanni jajjabeessi yookan badhaasni itti kennamu ni mijeeffama;
- Namootni balleessitoota hirmaannaa yakkaa sadarkaa olaanaa qaban irratti ragaa bahan sababuma kanaaf tarkaanfiin haaloo bahuu akka irra hin geenyeef sirni hunda-galeessi eegumsaa fi deeggarsa barbaachisu akka argatan taasisu ni diriirfama.

### 2.1.3. Sirna Dhaabbataa Qorannaa fi Himannaan Yakkaa ittiin Qajeelfamu

Adeemsi qorannaa fi himannaa yakkaa amantaa uummataa akka aragatuu fi adeemsi waliigalaa haqa ce'umsichaa fudhatama biyyoolessaa fi idil-addnuyaa akka argatu gochuun haqa ce'umsaa karoorfame milkeessuudhaaf dhimma bu'uraa fi ijoodha.

Kanaafis, adeemsa hojimaata dhaabbilee ulfinaa fi wal-xaxiinsa yakkoota qorannaafi himannaan irratti raawwatamuu, adeemsicha hojiirra oolchuuf baasii olaanaa fi humna ogummaa barbaachisu, akkasumas haala qabatamaa biyyi keenya itti jirtu tilmaama keessa galchuun sirna dhaabbataa adeemsa qorannaa fi himannaa yakkaa duursu diriirsuu barbaachisa.

Kanaan wal qabatee, adeemsa haqa ce'umsaa keessatti hojiin qorannaa yakkaa fi himannaa hundeessuu, qorannaa yakkaa fi Abbaa Alangaa amma jiruun ala qaama bilisaa fi walaba ta'ee fi of danda'ee dhaabbatuu fi amantaa uummataa qabaatu karaa 'Abbaa Alangaa Addaa'tin kan raawwatamu ta'a. Waajirri Abbaa Alangaa Addaa kunis qorattootaa fi Abbootii Alangaa kan hoogganu ta'a.

Haala adeemsa hojii qorannaa yakkaa fi himata hundeessuutiin wal qabatee tooftaalee fi kallattiin imaammaataa dabalataa armaan gadii hojiirra kan oolan ta'u:-

- Filannoo fi muudamni geggeessitoota waajira Abbaa Alangaa haara'a hundaa'uu karaa ifa, hammataa fi hirmaachisaa ta'een, sab-daneessummaa karaa giddu galeeffateen kutaaleen hawaasaa garaa garaa, dhaabbileen mootummaa fi miti mootummaa, dhaabbileen namoomaa fi diimookiraasii akkasumas dhaabbileen biroo rogummaa qaban akkaataa hirmaataniin kan raawwatamu ta'a;
- Waajirri Abbaa Alangaa Addaa filannoo fi muudama ogeessota qorannaa fi Abbootii Alangaa dhaabbatichaa naamusa gaarii, muuxannoo, dandeettii ogummaa fi ulaagawwan kan biroo ifatti taa'an akkaataa bu'ureeffateen akka filataman taasisa;
- Filannoo fi muudamni ogeessota qorannaa fi Abbootii Alangaa akkaataa saala, amanamummaa, walabummaa fi sab-daneessummaa mirkaneessuun taasifama;
- Waajirri Abbaa Alangaa Addaa haarofti hundaa'u amantaa uummataa guddisuuf akkasumas sarbiinsota mirgoota namoomaa qoratee himannaa hundeessuudhaan wal qabatee qaawwa muuxannoo fi beekumsaa muudachuu malu cufuun akka danda'amuuf ogeessotni alaa beekumsaa fi muuxannoo idil-addunyaa qaban leenjisummaa fi gorsaadhan akka hirmaatan ni taasifama;
- Adeemsi qorattootaa fi Abbootii Alangaa hojii kana irratti bobba'aniif eegumsii fi dawoon seeraa barbaachisu itti taasifamu ni diriirfama;
- Waajirri Abbaa Alangaa Addaa kun walabummaa fi bilisummaa isaa akkaataa mirkaneessuu danda'uun baajatni ni ramadamaaf akkasumas bilisummaa baajaticha bulchuu akka qabaatu taasifama;
- Ogeessonni qorannoo fi Abbootin Alangaa dhaabbatichaa haalli itti hojiirraa geggeeffamanii fi bakka buufaman akkaataa bilisummaa fi walabummaa dhaabbatichaa mirkaneesseen akka ta'u hojimaanni akka diriirfamu taasifama;
- Haala Waajirri Abbaa Alangaa Addaa kun ogeessota qorannaa fi Abbootii Alangaa akkasumas hojjettoota deeggarsaa ittiin qacaruu fi bulchu ilaalchisee hojimaanni ni diriira;
- Waajirri Abbaa Alangaa Addaa hundaa'u qaamolee haqaa hojiirra jiran waliin qindaa'ee hojjeta.

## 2.1.4. Sirna Dhaabbataa Adeemsi Murtii ittiin Qajeelfamu

Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti hojiin itti gaafatamummaa yakkaa galma yaadameef akka milkeessu gochuuf keessattuu Itoophiyaan dirqama mirgoota namoomaa eeguu fi itti gaafatamummaa mirkaneessuu seerota adda addaatin irra kaa'ame akkaataa sirrii ta'een akka bahattu gochuuf dhaabata abbaa seerummaa bilisaa fi walaba ta'e hundeessuun dhimma amalli addaa haqni ce'umsaa barbaadudha.

Kana waan ta'eefis, adeemsa raawwii haqa ce'umsaa keessatti, keessattuu gama adeemsa itti gaafatamummaa yakkaa bu'ureessuutiin aangoo duursaa manneen murtii biyyoolessaa dhimmicha ilaaluuf qaban bu'ura godhachuun 'dhaddachi addaa' hawaasa, miidhamtootaa fi himatamtoota biratti fudhatamaa fi amantaa qabaatuu fi kan ogeessota humnaa fi dandeettii qaban hammate, kan hirmaannaa miidhamtootaa mirkaneessuu fi manneen murtii idilee jalatti gurmaa'insa mataa isaa qabaatu kan hundeeffamu ta'a. Dhaddachi addaa kunis akkaataa bilisummaa fi walabummaa isaa mirkaneessuu danda'uun hundaa'a.

Sirna dhaabbataa adeemsa murtiin itti kennamuu ilaalchisee tooftaalee fi kallattiin imaammaata dabalataa armaan gadii hojiirra kan oolan ta'u:-

- Dhaddachichi addaa Mana Murtii Olaanaa Federaalaa jalatti hundaa'a. Aangoo ol-iyyannoo fi ijibbaataa ilaalchisee, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa jalatti Dhaddachi Addaa ol'iyyataa fi ijibbaataa wal-fakkaataan ni hundaa'a.
- Humna dandeettii itti gaafatamummaa bahachuu dhaddacha addaa kana ol kaasuuf, hojimaata ulaagaawwan idil-addunyaa rogummaa qaban eege hordofuun akka danda'amuuf ogeessotni alaa gorsaa fi leenjisummaa dhan akka hirmaatan ni taasifama;
- Abbootin seeraa dhaddacha addaa kanatti ramadaman kan sarbiinsoota mirga namoomaa irratti hin hirmaanne yookan sarbiiinsa mirgaatin kan hin shakkamne ta'uu isaanii mirkaneessuuf adeemsi addaa hojiin qulqulleessuu fi adda baasuu ittiin geggeeffamu dambii Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa baasun ni diriirfama;
- Abbootin seeraa dhaddacha addaa kanatti ramadaman hundumtuu seera yakkaatin, seera yakkaa idil-addunyaatin, seera mirgoota namoomaa idil-addunyaatin yookan seera namoomaa idil-addnuyaatin muuxannoo olaanaa, dandeettii fi beekumsa olaanaa kan qaban akka ta'an taasifama;
- Ramaddiin abbootii seeeraa haala saala, amanamummaa, walabummaa fi sab-daneessummaa mirkaneessuun taasifama;

- Dhaddachi Addaa Mana Murtii Olaanaa Federaalaa jalatti hundaa'u haala kamuu keessatti bakka bu'iinsan kennamuu hin danda'u. Ta'uyyuu garuu akka barbaachisummaa isaatti sadarkaa naannoleetti dhaddachoonni addaa itti waamamni isaanii Mana Murtii Waliigala Federaalaaf ta'e hundaa'uu ni danda'u.
- Dhaddachi Addaa kun dhimmoota isaa jalatti hammataman ilaalchisee aangoo duursaa akka qabaatu taasifama;
- Dhaddachi Addaa kun ijaarsa hojjettoota mana galmee gahumsa ogummaa fi muuxannoo qaban akkasumas Abukaatoo ittisaa, qindeessaa hirmaannaa miidhamtootaa, ogeessoota gorsaa fi gita hojii biroo deeggaraa ta'an akka qabaatu taasifama;
- Dhaddachi Addaa kun hojii abbaa seerummaa seerota biyya keessaa fi idil addunyaa akkasumas qajeeltoowwan idil-addunyaa hordofee kan hojjetu ta'a;
- Bilisummaa fi walabummaa Abbootii Seeraa dhaddacha addaa mirkaneessuu seeronni dandeessisan akka bahan akkasumas sirnootni hojimaataa akka diriiran taasifama;
- Haalli itti Abbootin Seeraa kaafamanii fi bakka buufaman akkaataa bilisummaa fi walabummaa dhaddacha addaa mirkaneesseen akka ta'u hojimaanni seeraa fi hojii barbaachisaa ta'e ni diriirfama;
- Baajatni dhaddacha addaatif ramadamuu fi bulchiinsi baajatichaa bilisummaa fi walabummaa dhaddachichaa akkaataa mirkaneessuun akka ta'u sirni bulchiinsaa fi hojimaataa barbaachisaa ta'e ni diriirfama.

## 2.2. Dhugaa Barbaaduu, Ifa Baasuu fi Gochoota Araaraa

Hojiiwwan dhugaa barbaaduu, ifa baasuu fi gochoonni araaraa sababa bu'uraa sarbiinsa mirgoota namoomaa fi miidhaalee barootaaf raawwatamanii haala guutuu ta'een adda baasuun mirga miidhamtoonni dhugaa beekuuf qaban mirkaneessuu kan dandeessisaniidha. Darbees sababa wal miidhuu, jibbiinsaa fi wal sodaa sarbiinsi mirgoota namoomaa, waraanni, walitti bu'iinsi yookan hacuuccaan uumeetiin namoonni fi kutaaleen hawaasaa adda bahanii turan hariiroo isaanii irra deebi'anii ijaaruuf, madaa isaanii fayyisuuf, miidhaawwan gahan akka irra hin deebi'amne gochuu fi nageenya waaraa fiduuf gahee olaanaa qaba.

Kana waan ta'eefis tooftaan haqa ce'umsaa dhugaa barbaaduu, ifa baasuufi gocha araaraa ilaallatu adeemsa haqa ce'umsaa biyya keenyatti hojiirra oolu keessatti haala qabatamaa tilmaama keessa akkaataa galchee fi tooftaalee haqa ce'umsaa kan biroo waliin akkaataa wal simeen hojiirra kan oolu ta'a.

### 2.2.1. Dhimmoota Dhugaa Barbaaduun, Ifa Baasuuni fi Gochoonni Araaraa Hojiirra itti Oolan

Dhimmoota hojiin dhugaa barbaaduufi ifa baasuu irratti raawwatamu sirnaan adda baasuu fi murteessuun adeemsichi galma yaadameef akka milkeessu taasisuuf gahee olaanaa qaba. Hojiin dhugaa barbaaduu, ifa baasuu fi gochoonni araaraa qabiyyee haqa ce'umsaa keessatti raawwataman 'sarbiinsota mirga namooma olaanaa' hunda irratti xiyyeeffachuun sababa bu'uraa, walitti fufiinsa, tooftaa, bal'ina, gosaa fi hanga miidhaa sarbiinsotaa adda baasuun hojiirra oola.

Kana waan ta'eefis, 'sarbiinsonni mirga namoomaa olaanaa hin taane' kan biroon aangoo ijoo dubbii sirnaa wal dhabdee hiikuu aadaa fi akka naannootti jiranii fi sirnoota araaraa aadaa jalatti kan hammatamaniifi fala argatan ta'a.

Dhimmoota dhugaa barbaaduu, ifa baasuu fi gochootni araaraa irratti raawwataman ilaalchisee kallattiiwwan imaammataa armaan gadii hojiirra kan oolan ta'u:-

- Aangoon ijoo dubbii hojiilee dhugaa barbaaduu, ifa baasuu fi gochoota araaraa 'sarbiinsota mirga namoomaa olaanaa' hunda irratti kan kufu ta'uun isa akkuma eegametti ta'ee sarbiinsonni adeemsichi irratti raawwatamu garuu hangaa fi ulfina sarbiinsotichaa qofa irratti hundaa'ee kan murtaa'u hin ta'u. Kanaafis, walitti fufiinsa, tooftaa yookan bal'ina sarbiinsotichaa tilmaama keessa galchuun sarbiinsonni wal fakkaatan qaama hojii dhugaa barbaaduu akka ta'an taasifama;
- Biyya keenya keessatti hubannaan seenaa fi seeneffamoonni yeroo adda addaatti walitti bu'iinsaaf sababa ta'an yeroo taatee isaaniitiin osoo hin daangeffamin hojiin hunda isaanii qorachuun seeneffamicha qulqulleessuu fi adda baasuun dhugaa ifa baasuu fi beeekamtii kennuu ni raawwatama;
- Balleessitoonni qaama dhugaa barbaaduuf aangoo qabu, Komishinii Dhugaa Barbaadu duratti fedhii isaanitiin dhiyachudhaan dhugaa baasan yookan jecha kennan jechi isaan kennan kamuu

adeemsa himannaa mana murtii keessatti akka haajarra jalaa hin oolle eegumsi (use immunity) ni taasifamaaf. Tarreen dhiimma kanaa seeran kan murtaa'u ta'a;

- Namootni miidhaan irra gahe miidhaa isaanii akka hubachiisan gochuun dhugaa qulqulleessuu keessatti hirmaannaa akka qabaatan taasifama;
- Hojiileen dhugaa barbaaduu, ifa baasuu fi hojiileen araaraa dhimmoota miidha saalaa, miidhaa addaa buqqaatota biyya keessaa fi miidhaawwan kutaa hawaasaa biroo xiyyeeffannoo addaa barbaadaniif xiyyeeffannoo barbaachisu kennuun raawwatamu;
- Qabiyyee hojii dhugaa barbaaduu, ifa baasuu fi hojiilee araaraa keessatti ragaa barbaachisoo sarbiinsota barootа darbanii sirnaan galmeessuun balleessaawwan akka beekamanii fi sarbiinsonni akka irra hin deebi'amne kan dandeessisan hojiileen galmeessaa ni hojjetamu, hojimaatoonni dhugaan qulqullaa'e hawaasatti ittiin beeksifamuufi miidhaa miidhamtootaaf beekamtiin uummataa itti kennamu ni diriirfamu.

### 2.2.2. Sirna Dhaabbataa Hojiileen Dhugaa Barbaaduu, Ifa Baasuu fi Gochoonni Araaraa ittiin Raawwataman

Qabiyyee sirna haqa ce'umsaa keessattti hojiileen dhugaa barbaaduu, ifa baasuu fi gochoonni araaraa adeemsa hojimaata dhaabbataa bilisummaa, walabummaa, fudhatamaa fi amanamummaa mirkaneessee fi dandeettiin guutameen raawwatamuu akka danda'an sirna diriirsuun barbaachisaadha.

Kana waan ta'eefis hojiileen dhugaa barbaaduu, ifa baasuu fi gocha araaraa karaa komishiinii dhugaa barbaadu, kan dhiibbaa fi giddu lixummaa siyaasaa irraa bilisaafi walaba ta'ee hundaa'uun akka raawwataman taasifama.

Sirna hojimaatni dhaabbataa dhugaa barbaaduu, ifa baasuu fi gochi araaraa ittiin raawwataman ilaalchisee kallattiiwwaan imaammataa armaan gadii hojiirra oolu:-

- Komishiniin hundaa'u itti gaafatamummaa dachaa baraarsaa kennuu ilaallatu ni qabaata, dabalataanis koomishinichi gurmaa'insa hojii beenyaa hoogganu of jalatti ni hundeessaa;
- Komishinichi bakka bu'iinsa saalaa, jaarsolii biyyaa, abbootii amantaa, miseensota waldaalee siivikii fi kutaalee hawaasaa biroo kan qabaatu ta'ee ogeessota gahumsa qabanii fi walaba ta'an ijaarsa of keessatti hammate akka qabaatu taasifama;
- Dhimmoonni tarree koomishinarummaaf gahaa nama taasisan seeran kan tumaman ta'anis filannoon Koomishinarootaa filannoo uummataa fi yaadaa fi hirmaannaa qooda fudhattootaa tilmaama keessa akkaataa galchuun taasifama. Filannaa fi muudamni koomishinarootaa akkaataa ifa, hammataa fi hirmaachisaa ta'een , sab-daneessummaa giddu galeeffachuun kutaalee hawaasa garaa garaa,dhaabbilee mootummaa fi miti mootummaa, dhaabbilee namoomaa fi diimookiraasii fi dhaabbilee biroo rogummaa qaban akkaataa hirmaachiseen kan raawwatamu ta'a;
- Filannoo fi muudamni Koomishinarootaa ibsituuwwan akka saalaa, beekumsaa, naamusaa, amanamummaa ogummaa, walabummaa fi sab-daneessummaa tilmaama keessa kan galchu ta'a;
- Humna dandeettii Komishinichaa gabbisuu fi muuxannoo qoodachuuf akkasumas gaafilee amanamummaa waliin wal qabatanii ka'an deebisuun akka danda'amuuf ogeessonni biyyoota adda addaa irraa walitti dhufanii fi muuxannoo qaban ijaarsa dhaabbataa koomishinichaa keessatti gorsaa fi deeggarsa kennuudhan akka hirmaatan taasifama;
- Boqonnaa raawwii haqa ce'umsichaatti hojimaatonni bilisummaa fi walabummaa koomishinichaa mirkaneessan ni diriirfamu;
- Koomishinichi hojimaata ogeessotaa fi hojjettoota deeggarsaa ittiin qacaruu fi bulchu ni diriirsa;
- Baajatni koomishinichaaf ramadamuu fi bulchiinsi baajatichaa bilisummaa fi walabummaa koomishinichaa akkaataa mirkaneessuun akka ta'u hojimaani ni diriirfama.

## 2.3. Baraarsa Haal-duree Irratti Hundaa'e

Adeemsi haqa ce'umsaa sarbiinsota mirga namoomaa fi balleessaa yeroo adda addaatti raawwataman kan hammatu waan ta'eef, lakkoofsi miidhamtootaas ta'ee balleessitootaa garmalee olaanaa akka ta'u eegama. Gama kanaan yakkoota/sarbiinsota hunda adeemsa himannaa keessa akka darban taasisuun hin danda'amu. Balleessaawwaan hunduu itti gaafatamummaa yakkaa jalatti akka kufan haa godhamu yoo jedhame caarraa hojiilee haqa barbaaduu, ifa baasuu fi gochoota araaraa hojiirraa oolchuu hambisa. Gama biraatin sarbiinsota raawwataman hundaaf haala baraarsaan itti kennamu tumaa kaa'uun itti gaafatamummaa yakkaa kan hanbisuu fi dirqama idil-addnuyaatin kan wal faallessu ta'uu isaayyuu caalaa haqni ce'umsaa guutuu ta'e akka hin raawwatamne danqaa uuma.

Kana waan ta'eefis, baraarsaa haal-duree irratti hundaa'e hojiirra oolchuun barbaachisaadha. Kanaan walqabatees, adeeemsa haqa ce'umsaa itoophiyaatti raawwatamu keessatti baraarsan haal-duree irratti hundaa'e hojiirra ni oola.

### 2.3.1. Haalota Baraarsan Itti Hin Kennamne

Sanadoonni mirga namoomaa idil addunyaa fi seeronni namoomaa biyyi keenya simatte balleessitoonni sarbiinsa mirga namoomaa olaanaa raawwatan itti gaafatamummaa jalaa bahuu akka hin qabne tumanii jiru. Sanadoota kan bu'ura godhachuudhan Heerri Mootummaa F.D.R.I keewwata 28(1) jalatti yakkoota baraarsadhaan irra darbamuu hin dandeenye tarreessee kaa'ee jira.

Kana waan taa'ef, kaayyoo 'itti gaafatamummaa yakkaa' tif 'sarbiinsota mirga namoomaa olaanaa' fi 'balleessitoota hirmaannaa sadarkaa olaanaa' qaban ilaalchisee akkaataa hiikaa imaammata kana keessatti kennameetin 'balleessitoonni sarbiinsota mirga namoomaa olaanaa keessatti hirmaannaa olaanaa'qaban fayyadamaa baraarsaa hin ta'an.

### 2.3.2. Haal-dureewwan Baraarsadhaaf Gahaa Taasisan

Akkaataa olantummaa seeraa fi itti gaafatamummaa hin hanbisneen baraarsan haal-duree irratti hundaa'ee kennamu adeemsa haqa ce'umsaa si'achiisuudhaan gahee olaanaa qabaata. Kanaa waan ta'eefis, adeemsa baraarsaa kennuu keessatti tooftaalee fi kallattiiwwan imaammataa armaan gadii hojiirra ni oolu:-

- Akka barbaachisummaa isaatti haal-dureewwan kanneen biroo seeran murtaa'an akkuma jiranitti ta'ee, iyyata dhiheeffachuun baraarsaa irraa fayyadamuuf haal-dureewwan armaan gadii hojiirra ni oolu. Yakka/sarbiinsa sadarkaan olaanaa ta'e irratti hirmaannaa kan hin qabne ta'uu, adeemsa dhugaa baasuu fi qorannaa keessatti tumsa gochuu, balleessaa amanuu fi gaabbuu, ifatti uummataa fi miidhamaa dhiifama gaafachuu, akka barbaachisummaa fi haala isaatti badii dhaqqabeef sirna beenyaa keessatti hirmaachuuf eeyyamamaa ta'uu, tajaajila tola ooltummaa irratti hirmaachuun tajaajila uummataa kennuuf waliigaluu, sababa yakkichi itti raawwatame (motive) ilaaluun akka barbaachisummaa isaatti itti gaafatamummaa uummataa gadi lakkisuuf eeyyamamaa ta'uu, galmeen yakkaa wal-fakkaataan dhabamuu fi sarbiinsota wal-fakkaatan akka irra hin deebine waadaa galuu;
- Baraarsan haal-duree irratti hundaa'ee kennamu kayyoo fi galma isaaf yaadame akka milkeessuu fi fayyadamaan baraarsaa gara hawaasaatti yemmuu deebi'u haaloo fi gadoon akka hin uumamne ittisuuf adeemsichi miidhamaa kan giddu galeeffate akka ta'uu fi gahee sirnoota wal dhabdee hiikuu aadaa imaammaticha keessatti ibsamani tilmaama keessa kan galche akka ta'u taasifama;
- Adeemsi baraarsaa kennuu akkaataa iftoomina, walabummaa fi amanamummaa qabaatun raawwatama;
- Erga baraarsan kennameen booda akkaataan fayyadamtoonni gara hawaasaatti makamanii fi adeemsi baraarsan kenname kaafamu seeran akka murtaa'u taasifama.

Fayyadamaa baraarsaa ta'uuf iyyatee haal dureewwan armaan olii osoo hin guutin iyyataan argame dhimmichi sirna haqaa idileetin akkaatan itti ilaalamu adeemsi ni diriirfama.

### 2.3.3. Sirna Dhaabbataa Gochi Baraarsaa Ittin Raawwatamu

Baraarsaa, haqa barbaaduu, ifa baasuu fi gochoota araaraa waliin akkaataa wal simuu fi wal sooruun hojiirra oolchuun barbaachisaadha. Kana gochuun akka danda'amuufis, Koomishiniin dhugaa barbaaduu hojii baraarsaa kennuus dabalataan akka hojjetu taasifama.

Hojimaata dhaabbataa baraarsan itti kennamu ilaachisee toftaalee fi kallattiin imaammataa armaan gadii kan raawwataman ta'a:-

- Komishinicha jalatti gurmaa'insi walaba ta'ee fi hojii baraarsaa hojjetuu ogeessota gama kanaan beekumsaa fi muuxannoo gabbate qaban akka gorsitootaatti qabaatu ni hundaa'a;
- Baraarsadhaan wal qabatee adeemsa gurmaa'insi hundaa'u kun gaafii baraarsaa simachuu irraa kaasee komiiwwan dhiyaatan irratti koomishinichaaf yaada murtoo itti dhiheessu ni diriirfama;
- Adeemsa baraarsaa kennuu keessatti hirmaannaa miidhamtootaa fi dhaabbilee wal dhabdee hiiktuu akkasumas adeemsa baraarsan itttin kennamu seerri tumu ni ba'a.

## 2.4. Beenyaa

Hangaa fi gosa dhimmichaa bu'ura godhachuudhan haala miidhamttoonni dhuunfaa fi kutaalee hawaasaa sarbiinsota mirga namoomaa fi hojimaatota faallaa namummaa ta'aniin miidhaman adeemsa beenyaa hunda hammataa ta'ee diriirfamu keessa akka darban gochuun ni barbaachisa. Gama kanaan adeemsi haqa ce'umsaa malootа beenyaa kanneen akka deebisanii dhaabuu, dandamachiisu, itti quufinsaa fi hojiilee yaadannoo, ifatti dhiifama gaafachuu fi tooftaalee beenyaa biroo sirna hojiira oolchu ni raawwata.

### 2.4.1. Gosoota Beenyaa Hojiirra Oolanii fi Dhimmoota Xiyyeeffannoon Irratti Taasifamu

Adeemsa haqa ce'umsaa keessatti gosootni beenyaa armaan gadii humnaa fi haala qabatamaa tilmaama keessa galchuun hojiirra ni oolu:-

- Deebisanii dhaabuu, tarkaanfiiwwan dandamachiisaa, bayyanachiisaa, gochoota yaadannoo, dhugaa guutuu sarbiinsotaa barbaaduu, ifa baasuu fi beekamtii kennuu;
- Badiiwwan raawwatamaniif sadarkaa mootummaatti dhiifama gaafachuu;
- Rakkoo ariifachiisaa miidhamtootaa hanga ta'e furuuf akka gargaaruu fi akkasumas fedhii kutaalee hawaasaa xiyyeeffannoo addaa barbaadanii tilmaama keessa galchuudhan sirni beenyaa furmaata waaraa kennu amma diriirutti deebisanii dhaabuu, tarkaanfiiwwan dandamachiisaa fi gosootni beenyaa barbaachisoo ta'an kan biroon hojiirra oolu;
- Gosootni beenyaa yeroo hojiirra oolanitti amalaa fi adeemsa raawwii isaanii bu'ura godhachuun dhaabbileen wal dhabdee hiiktuu aadaa gahee akka qabaatan taasifama;
- Hojiirra oolmaan sirna beenyaa fedhii kutaalee hawaasaa xiyyeeffannoo addaa barbaadanii, keessattuu kan daa'immanii, dubartootaa, buqqaatota biyya keessaa, qaama miidhamtootaa fi maanguddootaa akkaataa tilmaama keessa galcheen raawwatama.

### 2.4.2. Sirna Dhaabbataa Beenyaan Ittiin Geggeeffamu

Hojii beenyaa baraarsaa kennuu fi dhugaa barbaaduu, ifa baasuu fi gocha araaraa waliin akkaataa wal simeen hojiirra oolchuun barbaachisaa waan ta'eef, Komishiniin dhugaa barbaaduu hojiilee beenyaa dabalatee kan hojjetu ta'a.

Gama kanaan kallattiiwwan imaammataa armaan gadii hojiirra ni oolu:-

- Gosootni beenyaa hojiirra oolfamuu isaanitiin dura seerri hojimaataa fi haalota tilmaama keessa galan tarreessuu fi sagantaan qorannoo irratti hundaa'e akka qophaa'u ta'a;
- Rakkoolee ariifachiisaa hanga ta'e furuuf akka gargaaruu sirni beenyaa furmaata waaraa kennu hanga hojiirra oolfamutti koomishinichi hojiilee sirna beenyaa giddu lixaa ta'an ni raawwata;
- Miidhamtoota deebisanii dhaabuu fi deeggaruuf hojiilee hojjetaman duursuuf 'fandiin' deebisanii dhaabuu fi deeggarsaa seeran ni hundaa'a;
- Koomishinicha jalatti gurmaa'insi walaba ta'ee fi hojiilee beenyaa hojjetu ogeessota gama kanaan beekumsaa fi muuxannoo gabbate qaban akka gorsitootaatti qabu ni hundaa'a;
- Gurmaa'insi koomishinicha jalatti hundaa'u kun qabiyyee fi sagantaa beenyaa ni wixineessa, komiilee fi dhimmoota murte barbaadan irratti adeemsa yaada murtee koomishinichaaf itti dhiyeessu ni diriirsa, madda baajataa beenyaaf oolu adda baasee dhiyeessa.

## 2.5. Fooyya'iinsa Dhaabbilee

Walitti bu'iinsaa fi sarbiinsa mirgoota namoomaa uumaman irratti dhaabbilee yookan namoota dhuunfaa kallattiinis ta'ee al kallatiinn gumaacha yookan hirmaannaa qaban bakka jiranitti itti fufsiisuun adeemsa haqa ce'umsaa yaadamaa jiruuf gufuu uuma. Sarbiinsa mirgoota namoomaa uumame irraatti hirmaannaa kan qaban yookan itti gaafatamummaa isaani bahachuu dhabuudhan miidhaan akka dhaqqabu dhaabbilee taasisan, itti gaafatamtootaa fi ogeessota irratti tarkaanfii fooyya'iinsaa barbaachisaa ta'e fudhachuun sarbiinsotni kun akka irra hin deebi'amne, dhaabbileen kunis kan amanamummaa uummataa argatanii fi dhaabbii mirgoota namoomaa kabajuu fi kabachiisuu isaan dandeessisu akka qabaataniif gumaacha olaanaa qabaata.

Kana waan ta'eefis, adeemsa haqa ce'umsaa raawwatamu keessatti hojiin fooyya'iinsa dhaabbilee bal'aan ni geggeeffama. Kanumaan wal qabatees, fooyya'iinsa dhaabbilee ilaalchisee kallattiiwwan imaammataa armaan gadii kunneen hojiirra ni oolu:-

- Dhaabbileen, itti gaafatamtoonni fi ogeessonnii hojiin fooyya'iinsa dhaabbilee irratti raawwatamu sarbiinsota raawwataman irratti gahee fi qoodni isaan qaban akkasumas qabiyyeewwan imaammataa, seeraa fi hojimaatawwan sarbiionsota yookan yakkoota uumamaniif ka'umsa ta'an yookan haala ariifachiisaa uuman akkaataa qajeeltoowwan seera namoomaa idl-addunyaa fi hojimaata idl-addnuyaa waliin wal simuun adda baafamu;
- Itti gaafatamtootaa fi ogeessota dhaabbilee kallattinis ta'ee al kallattiin hirmaachuudhaan yookan itti gaafatamummaa isaanii bahachuu dhabuu isaanitiin sarbiinsota/yakkoota mirga namoomaa uumame irratti hanga hirmaannaa qaban yookan naamusa/ gadi bu'uu dandeettii ogummaa isaanii haala tilmaama keessa galcheen hojiirraa akka ka'an, itti gaafatamummaa bulchiinsaan yookaan yakkaan akka itti gaafataman yookan tarkaanfiiwwan biroo barbaachisoo ta'an akka fudhtaman taasifama;
- Sababootaa fi maddoota sarbiinsaa adda baafaman bu'ura godhachuudhan dhaabbilee fooyyessuuf akkasumas jijjiirruu kan dandeessisan sagantaaleen yerooo gabaabaa fi dheeraa bocamuun hojiirra ni oolu;
- Dhaabbileen, itti gaafatamtoonnii fi ogeessonni itti gaafatamummaa seeran itti kenname bilisummaa ogummaa fi dhaabbataa akkasumas walabummaa isaa akkaataa eegsiseen akka hojjetan akka dandeessisuuf akka barbaachisummaa isaatti fooyya'iinsi seeraa fi imaammataa waa'ee aangoo, gurmaa'insaa fi itti waamama dhaabbilee ilaallatu qorannnoo irratti hundaa'uun ni taasifama;
- Sarbiinsonni mirga namoomaa akka irra hin deebi'amnee fi kabajamuu mirgoota namoomaaf, bulchiinsi gaariin akka jiraatuuf akkasumas mirkanaa'uu olaantummaa seeraatiif qabiyyeen seerotaa fi imammatootaa haala ariifachiisaa uuman qorannoo irratti hundaa'un akka ba'an taasifama;
- Sarbiinsonni mirga namoomaa akka irra hin deebi'amne tooftaan humna yakka ittisuu dhaabbilee cimsu qorannaa irratti hundaa'uun akkaataa kutaalee hawaasaa sarbiinsa mirgaatif saaxilamoo ta'aniif xiyyeeffannoo kenneefi hawaasicha giddu galeeffateen ni raawwatama;
- Faayidaa miidhamtoota sarbiinsota raawwatamaniif saaxilamanii fi kutaalee hawaasaa xiyyeeffannnoo addaa barbaadanii eegsisuun wal qabatee tarkaanfiin fooyya'iinsa dhaabbilee adda baafamuun ni raawwatamu;
- Sarbiinsonni mirga namoomaa raawwataman akka irra hin deebi'amne gochuun akka danda'amuuf dhaabbilee federaalaa fi naannolee gidduutti hojimaatni qindoominaa, deeggarsaa fi hordoffii akka jabaatu taasifama;
- Sarbiinsonni mirga namoomaa akka irra hin deebi'amne gochuu fi aadaan kabajamuu mirgoota namoomaa akka dagaaguuf dhaabbileen hojii humna dandeettii fi raawwii ogeessotaa fi hojjettootaa guddisuu danda'u qaamolee michuu waliin qindoominaan akka hojjetaan hojimaanni ni diriirfama.

Qabiyyeen seeraa hojiilee adda baasuu, qulqulleesuu fi fooyya'iinsaa hojjechuu dandeessisu akka ba'u ta'a.

### 2.5.1. Dhaabbilee Hojiin Fooyya'iinsa Dhaabbilee Irratti Xiyyeeffatu

Eegumsaa fi raawwii mirgootaa waliin wal qabatee dhaabbileen itti gaafatamummaa qaban hundumtuu dirqama mirgootaa fi bilisummaa dhala namaaf uumamaan kennaman kabajuu fi kabachiisuuf qaban bahachuu akka danda'anii fi kaayyoo hundeeffamaniif akka milkeessan gochuuf xiyyeeffannoon hojjechuun haala bu'uraati. Haa ta'u malee humna biyyoolessaa murtaa'ee fi adeemsa walxaxaa haqa ce'umsaa waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu dhaabbileen hundi adeemsa fooyya'iinsaa keessa akka darban taasisuun hin danda'amu.

Kana waan ta'eefis, qabiyyee haqa ce'umsaa keessatti xiyyeeffannoon hojiilee fooyya'iinsaa kan murtaa'e ta'a. Irra jireessaan namoota sarbiinsota mirgoota namoomaa irratti hirmaatan, lammiilee gama mirgoota namoomaa kabajuu fi kabachiisuutiin gahee isaanii hin bahannee fi badiiwwan darban akka irra hin deebi'amne gama gochuutin dhaabbilee biyyoolessaa fi naannoolee gahee olaanaa taphachuu danda'an dhaabbilee haqaa, nageenyaa, dhaabbilee miidiyaa, dhaabbilee mirgoota kutaalee hawaasaa xiyyeeffannoo addaa barbaadan kabachiisuudhaan wal qabatee itti gaafatamummaa isaanii hin bahannee fi sarbiinsa mirga namoomaatiif seerota, imaammatootaa fi hojimaatawwan haala mijataa uuman irratti duursa kennuun hojiin fooyya'iinsaa kan raawwatamu ta'a.

### 2.5.2. Adeemsa Dhaabbataa Hojiin Fooyya'iinsa Dhaabbilee Ittiin Geggeeffamu

Hojii fooyya'iinsa dhaabbilee bu'aa qabeessa, si'ataa, fudhatamaa fi amanamummaa uummataa akka qabaatu gochuuf, dhaabbata walabaa fi dandeettii qabuun akka geggeeffamu taasisuun barbaachisaadha. Kana waan ta'eefis, dhaabbanni hojicha hojjetu koomishiniin bilisa, walabaa fi amanamummaa uummataa qabu seeran akka hundaa'u taasifama.

Dabalataanis, kallattiiwwan imaammataa armaan gadii hojiirra oolu:-

- Koomishinichi koomishinaroota bilisafi siyaasarraa walabaa ta'an dandeettii ogummaa, muuxannoo fi naamusa qabaniin akka geggeeffamu taasifama. Ogeessotaa dandeettii ogummaa fi muuxannoo qabaniin gurmaa'a.
- Koomishinichi hojii dhaabbilee adda baasuu fi qulqulleessuu hojjechuudhanii fi tarkaanfiiwwan fooyya'iinsaa adda baasuun mana mare bakka bu'oota uummataaf dhiheessee murteessisuuf aangoo fi gocha isa dandeessisu akka qabaatu taasifama;
- Dhaabbilee filataman irratti sirni addaa baasuu fi qulqulleessuun ittiin geggeeffamu ni diriirfama;
- Qaamolee abbaa seerummaa waliin wal qabatee, koomishinichi gurmaa'insa hojiilee abbootii seeraa adda baasuu fi qulqulleessuu of danda'ee hojjetu ni qabaata. Hojiin abbootii seeraa adda baasuu fi qulqulleessuu kunis akkaataa eegumsootaa Heera Mootummaa F.D.R.I irratti kaa'amee fi hojimaatota eegaman waliin wal simuun raawwatama;
- Komishinichi wayita hojii adda baasuu fi qulqulleessuu hojjetutti rakkoo bu'uraa dhaabbatichaa sirnaan hubachuu akka danda'uuf ogeessonni dhaabbaticha keessatti argamanii fi beekumsa qaban akka hirmaatan taasifama;
- Hojii adda baasuu, qulqulleessuu fi fooyyeessuu koomishinichaa akkaataa mirgoota namoomaa idil-addunyaa kabajeen, muuxannoowwan gaggaarii hordofee fi kaayyoo fooyya'iinsa dhaabbilee haqa ce'umsaa milkeessuu dandeessisuun raawwachuu akka danda'uuf koomishinichi gorsitoota gama kanaan muuxannoo fi beekumsa qaban akka qabaatu taasifama;
- Filannoo fi muudamni koomishinarootaa akkaata ifa, hammataa fi hirmaachisaa, sab-daneessummaa giddu galeeffateen kutaalee hawaasaa garaa garaa, dhaabbilee mootummaa fi miti mootummaa, dhaabbilee namoomaa fi diimookiraasii fi qaamolee biroo rogummaa qaban akkataa hirmaachiseen kan rawwatamu ta'a;
- Koomishinichi hojimaata ogeessotaa fi hojjettoota deeggarsaa ittiin qacaruu fi bulchu ni diriirsa;
- Naannoleen dhaabbata hojii fooyya'iinsa dhaabbilee hojjetu seeran ni hundeessu. Dhaabbileen naannoo kunneen imaammata kanaa fi qajeeltoowwan mirga namoomaa idil-addnuyaa waliin akkaataa wal simuun kan hundeeffaman ta'u;
- Koomishinichi gahee hojiiwwan adda baasuu, quqlqulleessuu fi fooyya'iinsaa dhaabbilee naannoleetti hundaa'aniin hojjetaman itti dhiheenyaan deeggaruu fi qindeessuu akka qabaatu taasifama.

## 2.6. Daangaa Yeroo Hojiirra Oolmaa Haqa Ce'umsaa

Raawwiin sirna haqa ce'umsaa daangaa yeroo ifa ta'e qabaachuu qaba. Daangaan yeroo dhimma kanaaf kaa'amu hanga danda'ame hundatti sarbiinsota mirga namoomaa raawwataman, seenaawwanii fi hubannaawwan jal'ifaman, garaa-garummaa fi haaloowwan akkasumas badiiwwan qaqqaban kan dabalatuu fi ce'umsa gara fuulduraatif karaa kan banu ta'uu qaba.

Kana waan ta'eefis, daangaan yeroo hojiirra oolmaa haqa ce'umsaa kaayyoo itti gaafatamummaa yakkaatif 'yeroo heerri mootummaa F.D.R.I itti ragga'e bara 1987 irraa eegalee' akka raawwatamu ta'a. Gama biraatin 'kaayyoo dhugaa barbaaduu, araara buusuu fi hojiiwwan beenyaatiif'sarbiinsotaa fi komiiwwan jiran bu'ura isaaniirraa qulqulleessuuf, cabiinsotni akka fayyanii fi suphaman taasisuu fi nagaa waaraa fiduun akka danda'amuuf daangaan yeroo hojiirra oolmaa sirna haqa ce'umsaa 'hanga yeroo odeeffannoo fi ragaan argameetti' ta'a.

## 2.7. Hojiirra Oolmaa Haqa Ce'umsaa Keessatti Gahee Naannolee

Adeemsa hojiirra oolmaa haqa ce'umsaa keessatti gahee naannolee adda baasanii fi tarreessanii kaa'uun mootummaa federaalaa fi naannolee gidduutti hariiroo hojii gaarii uumudhaan kaayyoowwan haqa ce'umsaa sadarkaa fooyya'een milkeessuuf gahee olaanaa qabaata. Kana waan ta'eef, qabiyyee sirna haqa ce'umsaa akka biyyaatti hojiirra oolu keessatti naannoleen gahee olaanaa akka qabaatan godhama.

Gama kanaan naannoleen gahee karaa lamaan ibsamu qabaatu. Inni jalqabaa hojiilee dhaabbilee biyyoolessaatin hojjetaman gargaaruu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u inni lammaataa ammoo yaadaa fi duudhaalee waliigalaa imaammata kanaa irratti hundaa'uun hojiilee haqa ce'umsaa muraasa abbummaadhan adeemsa ittiin geggeessan kan ilaallatuudha.

Akkaataa kanaan yoo ilaalamu, hojiilee dhaabbilee biyyoolesaatiin hojjetaman gama gargaaruutiin naannoleen gahee armaan gadii ni qabaatu:-

- Sirnoota haqaa aadaa adeemsa haqa ce'umsaa biyyoolessaatiif gargaaran adda baasuu fi beeksisuu;
- Adeemsa raawwii sirna beenyaa keessatti miidhamtoota adda baasuu, miidhamtootaaf deeggarsa barbaachisu gochuu;
- Odeeffannoo fi ragaa adeemsa haqa ce'umsaaf barbaachisan funaanuu, qindeessanii dhiheessuu;
- Nama yakka irratti hirmaate dabarsanii kennuu, balleessitoota gabaasuu fi seeratti dhiheessuu, haqa mirkaneessuuf qindoominaan hojjechuu;
- Qaamolee adeemsa haqa ce'umsaa raawwachiisuuf hirmaataniif waltajjiilee marii mijataa qopheessuu, nageenya isaanii eeguu;
- Bu'ura imaammata kanaatin sadarkaa naannootti fooyya'iinsa dhaabbilee taasisuu;
- Uummanni bulchan adeemsa haqa ce'umsaa irratti amanamummaa akka qabaatu hojii hubannoo uumuu hojjechuu;
- Hojiilee tokkummaa fi walitti dhufeenyaa cimsan hojjechuu, yaada burqisiisuu fi hirmaannaa ummata naannichaa mirkaneessuu.

Sadarkaa lammaffaatti, 'dhimmoota, sarbiinsotaa fi walitti bu'iinsota adeemsa haqa ce'umsaa biyyoolessaatin hin haguugamne' ilaalchisee kallattiiwwan imaammataa armaan gadii abbumaadhan raawwatu:-

- Sirnoota araaraa fi beenyaa 'adeemsa haqa ce'umsaa biyyoolesaatinn hin haguugamne' akkaataa qajeeltoowwanii fi ulaagalee biyyoolessaa waliin wal simeen raawwachuu;
- Ulaagaalee wal fakkaatoo irratti hundaa'uun hojiilee dhugaa barbaaduu, ifa baasuufi beekamtii kennuu hojjechuu;
- Badiiwwan raawwatamaniif sadarkaa mootummaatti dhiifama gaafachuu;
- Miidhamtootaaf sirna deebisanii dhaabuu, dandamachiisaa fi yaadannoo bocuu fi hojiirra oolchuu, namoonni buqqa'an gara naannoo isaaniitti akka deebi'an gochuu fi haleellaan dabalataa akka irra hin geenye eegumsa gochuu;
- Bu'ura ulaagaalee guutuu biyyaatti bahaniitin seerotaa fi dhaabbilee isaanii irratti fooyya'iinsa barbaachisu gochuu;
- Sirnoota haqaa aadaa adeemsa haqa ce'umsaa irratti hirmaatan akkaataa ulaagaalee fi qajeeltoowwan kaa'amaniitin adda baasuun beekamtii kennuu, hojimaataa fi itti gaafatamummaa isaanii seeran ifatti tumuu;
- Sarbiinsotni mirgoota namoomaa, miidhaawwanii fi gadoowwan akka irra hin deebi'amne waan barbaachisu gochuu, qindoominaa fi wal ta'uun hojjechuu.

## 2.8. Haqa Ce'umsaa Keessatti Gahee Sirna Haqaa Aadaa

Biyyattii keessa tooftaalee wal dhabdee hiikuu aadaa fi amantii barootaaf hojiirra oolaa turantu jiru. Tooftaaleen kunnneen gahee wal dhabdeewwan adda addaa sadarkaa dhuunfaattis ta'ee hawaasaatti muudataniif haqa dhugaa fi dhiifama irratti hundaa'e kennuu, suphuu fi nagaa mirkaneessuu bahachaa turaniiru. Gahee tooftaaleen wal dhabdee hiikuu kunneen adeemsa haqa ce'umsaa keessatti sadarkaa naannoo yookan biyyoolessaatti qaban adda baasudhaan faayidaarra oolchuun kaayyoowwan haqa ce'umsaa milkeessuuf gahee olaanaa qaba.

Kanaaf, sirnootni haqaa aadaa qaawwota qaban akka sirreessan taasisuun adeemsa haqa ce'umsaa raawwatamu keessatti dhaabbilee haqa ce'umsaa kan biroo waliin qindeessuudhaan dhugaa barbaaduu, araara buusuu, hojiilee beenyaa fi baraarsaa keessatti akkasumas nagaa hawaasaaa mirkaneessuuf hojiilee hojjetaman keessatti gahee olaanaa akka qabaatan taasifama.

Akkaataa kanaan yoo ilaalamu sirnoota haqaa aadaa ilaalchisee kallattiiwwan imaammataa armaan gadii hojiirra oolfamu:-

- Sirnootni haqaa aadaa dhaabbilee biroo waliin ta'uun dhugaa barbaaduu, balleessitoonni haqatti akka dhiyaatan gargaaruudhaan, araaraa fi hojiilee biroo hariiroo uummataaf uummataa jajjabeessuu dandeessisan hojjechuun adeemsa haqa ce'umsaa isa ijoo tumsuu fi gargaaruudhaan gahee ni qabaatu;
- Qajeeltoowwan koomishinichaan akeekaman bu'ura godhachuudhan, hojiiwwan 'Koomishinii Dhugaa Barbaadu' adeemsa haqa ce'umsaaatin hundaa'un hin hojjetamne yookan hin haguugamne yookan sarbiinsota mirga namaa fi wal dhabdeewwan salphaa ta'anii hiikuun akka danda'amuuf dhaabbileen sirna haqaa aadaa hojiiwwan dhugaa barbaaduu fi araara buusuu akkasumas dhimmoota kanaan wal qabatan irratti akka hirmaatan taasifama;
- Qajeeltoowwanii fi ulaagaaleen sirnoota haqaa gahee naannummaa yookan biyyoolessaa bahachuu danda'an adda baasuu dandeessisan ifatti ni ba'u;
- Dhaabbileen kunneen siyaasa, sanyii, amantaa, saalaa fi hojimaatawwan loogummaa biroo irraa bilisa ta'uun dhugaa fi haqaaf qofa kan hojjetan ta'uu hojimaanni dandeessisu ni diriira;
- Hojimaannii dhaabbilee kanneenii hirmaannaa fi mirga dubartootaa fi daa'immanii kan kabaje akka ta'u hojiin barbaachisu ni hojjetama.

## 2.9. Dhimmoota Ijoo Hedduu of Keessaa Qaban (Cross-Cutting Issues)

Qajeeltoowwan imaammataa fi adeemsa haqa ce'umsaa keessaa inni tokko kutaalee hawaasaa saaxilamoo ta'aniif xiyyeeffannoo addaa kennuudha.

Kanaafis, imaammatnii fi adeemsi hojiirra oolmaa haqa ce'umsaa kutaalee hawaasaa xiyyeeffannoo addaa barbaadanii fi saaxilamoo ta'an keessattuu fedhii fi faayidaa addaa dubartootaa, daa'immani, dargaggootaa, qaama miidhamtootaa, maanguddootaa fi buqqaatota biyya keessaatiif akkaataa xiyyeeffannoo kenneen raawwatamu.

Kutaalee hawaasaa xiyyeeffannoo addaa barbaadan ilaalchisee kallattiiwwan haqa ce'umsaa armaan gadii hojiirra oolfamu:-

- Tarkaanfiiwwan seeraa, ijaarsaa fi hojimaataa imaammaticha hojiirra oolchuuf fudhataman hirmaannaa fi murteessummaa dubartootaa hiikaa qabu akkasumas bakka bu'ummaa dubartootaa akkaataa mirkaneessuun hojimaanni ittiin raawwatamu ni diriirfama;
- Raawwiin adeemsa haqa ce'umsaa hubannaa koorniyaa dogongoraa barootaaf hawaasicha keessa turee fi saaxil-bahummaa dubartootaa itti fufiinsaan hirdhisuuf akkaataa dandeessisuun hojjetama;
- Adeemsonni qorannaa fi himannaa dubartootaa fi shamarran miidhaan saalaa irra gaheef mijataa, kan kabaja isaanii eegu, miidhaa irra deebiif kan isaan hin saaxille, deeggarsa gorsaa fi xinsammuu kan dhiyeessan akkasumas akka barbaachisummaa isaatti tajaajila dandamachiisaa/dawoo kan hammatan akka ta'an godhama;
- Adeemsonni hojiilee qorannaa fi himannaaa akkasumas dhugaa barbaaduu fi araaraa garaagarummaa aadaa fi amantii dubartootaa akkasumas dhiibbaa haalli jireenya hawaasaa uumu tilmaama keessa galchuunii fi hirmaannaaf haala mijataa uumuudhaan hojiirra oolfamu;

- Seeronni ragaa fi seerri adeemsaa yeroo qorannaa fi himannaatti hojiirra oolan akkaataa itti gaafatamummaa balleessitoota miidhaa saalaa geessisanii mirkaneessuun raawwatamu;
- Adeemsi dhugaa baasuu miidhaawwan saalaa bu'ureeffataniif xiyyeeffannoo addaa ni kenna, walitti fufiinsa (pattern) miidhaawwanii tilmaama keessa galchuun sababootni isaani akka ifa ba'an taasifama;
- Adeemsi dhugaa baasuu akkaataa sarbiinsota mirga namoomaa buqqaatota biyya keessaa fi kutaalee hawaasaa biroo saaxilamoo ta'an irratti raawwataman hammateen raawwatama;
- Hojiirra oolmaa/raawwii haqa ce'umsaa ilaalchisee hojiiwwan hubannoo uumuu fi ibsoonni adda addaa akkaataa dhaqqabummaa shamarranii mirkaneessuun taasifamu;
- Daa'imman ilaalchisee adeemsichi akkaataa mirgoota heera motummaa fi sandoota mirgoota namoomaa idil addunyaa jalatti ibsaman kabajeen raawwatama;
- Daa'imman itti gaafatamummaa yakkaa qaban adda baasuun akkasumas adeemsa qorannaa, himannaa, falmii fi murtee keessatti xiyyeeffannoon barbaachisu ni kennama, of eeggannoonis ni taasifama;
- Raawwiin haqa ce'umsaa hirmaannaa dargaggootaa hiikaa qabu akkaataa mirkaneessun taasifama. Maanguddootaa fi qaama miidhamtootaafis dhaqqabamaa akka ta'u hojiilee hammataa ta'an kan of keessatti qabate ta'a.

# 3. GAHEE MOOTUMMAA FI QAAMOLEE QOODA FUDHATTOOTAA FI SIRNA DEEGGARSAAF HORDOFFII

## 3.1. Gahee Qaamolee Mootummaa fi Qaamolee Qooda Fudhattootaa

Tooftaaleen haqa ce'umsaa kutaa lammaffaa armaan olii jalatti ilaalaman tokko tokko kan bakka bu'u osoo hin taane waliin walii isaanii kan utubanii fi sooraniidha. Kanaafis, tooftaalee kanneen akkaataa qindaa'een, wal utubuu fi tumsuun akka hojiirra oolan gochuun ni barbaachisa. Bu'ura imammatichaatin dhaabbileen hojiilee haqa ce'umsaa hojiirra oolchan hedduudha. Dhaabbileen kunneen akka hundaa'an haala mijeessuu irraa eegalee hojii isaanii guutumaan guututti hanga eegalanitti itti gaafatamummaa fi hojii qaamolee deeggarsa godhanii imaammata kanaa irratti ifatti kaa'uu barbaachisa.

Gama biraatiin dhaabbileen bu'ura imaammatichaatin hundaa'anii hojii haqa ce'umsaa raawwatan hojii isaanii erga eegalanii boodas ta'u dhaabbileen hojii qindoominaa gidduu isaanii jiraatuuf haala mijeessanii fi geggeessan ni barbaachisu.

Walumaa galattis adeemsa haqa ce'umsaa keessatti gaheen mootummaa fi qaamolee qooda fudhattootaa akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

### 3.1.1. Gahee Qaamolee Mootummaa

#### A. Ministeera Haqaa

Ministeerri haqaa dhaabbata sirna bulchiinsa haqa yakkaa olaantummaadhan geggeessuu fi qindeessuuf aangoon kennameefidha. Gorsaa seeraa mootummaa Federaalaati. Kanaafis adeemsi haqa ce'umsaa karaa bu'aa qabeessa ta'een raawwatamuu akka danda'u gochuuf haalota barbaachisan mijeessudhaan wal qabatee ministeerri haqaa gahee mataa isaa akka bahatu godhama.

Imaammanni kun akka hojiirra oolu haala mijeessuu fi dhaabbilee adeemsa haqa ce'umsaa keessatti hojiilee adda addaa hojjetan gama deeggaruutin ministeerri haqaa gahee qindeessummaa olaanaa qabaata. Irra caalaatti hojiiwwan armaan gadii raawwata:-

- Bu'ura imaammata kanaatin tooftaalee haqa ce'umsaa garaa garaa hojiirra oolchuuf dhaabbilee akka hundaa'aniif akeekamaniif qabiyyee seera hundeeffamaa qopheessa, qaama ilaallatuuf dhiheessa;
- Dhaabbileen hundaa'an of danda'anii hojii hanga eegalanitti danbii hojii keessoo fi qajeelfamoota qopheessa, dhimmoota wal qabatan irratti deeggarsa barbaachisu taasisa;
- Dhaabbilee tooftaalee haqa ce'umsaa garaa garaa hojiirra oolchan gidduu hojimaanni qindoominaa akka jiraatu taasisa, guutuu biyyaatti hojii imaammaticha beeksisuu fi hubannoo uumuu hojjeta, raawwii haqa ce'umsaa waliigalaa hordofa, kanas kan hojjetu ijaarsa dhaabbilee isaan ilaallatuu fi bakka bu'oota waldaalee siivikii irraa walitti dhufan hammatu bu'ureessa, sirna hojimaataa kanaaf ta'u ni diriirsa, sirnoonni hojimaataa kunneenis sirnaan akka hojiirra oolan deeggarsa barbaachisu ni taasisa.

#### B. Ministeera Maallaqaa

Ministeerri maallaqaa itti gaafatamummaa fi hojii sirna faayinaansii biyyattii bulchuu, baajata mootummaa Federaalaa qopheessuu, baajata eeyyamame qaama ilaallatuuf erguu, raawwii isaa hordofuufi gamaggamuu fi kana fakkaatan waajira qabu ta'uu isaatiin wal qabatee hojiirra oolmaa haqa ce'umsaa

ilaalchisee hojiilee fi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:-

- Baajata gahaa haqa ce'umsaa guutuu biyyaatti hojiirra oolchuu dandeessisu ni ramada;
- Boqonnaawwan haqa ce'umsaa adda addaa dhaabbilee/qaamolee addaa hojiirraa oolchanif baajata hojii isaanii hojjechuuf gahaa ta'e ni ramada, ni dabarsa;
- Seerota dhaabbilee kanneen hundeessuuf bahan irratti hojimaata addaa haala baajatni sirnaan hojiirra ittiin ooluu danda'u ni mijeessa;
- Maallaqaa fi deeggarsa akaakuu sirna haqa ce'umsaa hojiirra oolchuu dandeessisu argachuun akka danda'amuuf qaamolee idl-addnuyaa fi biyya keessaa waliin walitti dhiheenyaan ni hojjeta, qabeenya walitti funaana, deeggarsa maallaqaa argamu haala sirnaan bulchuu fi fayyadamuun danda'u mijeessa.

## C. Koomishinii Siivil Sarvisii

Koomishiniin siivil sarvisii dhaabbata mootummaa sirrii ta'uu fi barbaachisummaa qorannoolee gurmaa'insaa waajiraalee mootummaa keessatti raawwatamanii xiinxalee murtee kennu, bu'ura murtichaatin raawwatamuu isaanii hordofuu, ramaddiin hojjettoota siivil sarvisii dandeettii irratti kan hundaa'e akka ta'e gochuu, sirna kanfaltii geggeessitootaa fi ogeessota dandeettii qaban gara waajiraalee mootummaatti harkisuu fi tursiisuu dandeessisu bu'ureessuuf aangoon kannameefidha.

Kanaafis, hojiirra oolmaa haqa ce'umsaa waliin wal qabatee koomishiniin siivil sarvisii itti gaafatamummaa fi hojiiwwan armaan gadii qabaata:-

- Dhaabbilee tooftaalee haqa ce'umsaa hojiirra oolchuuf hundaa'an ilaalchisee, bu'ura seera hundeessa dhaabbilee kanneenii irratti akkaataa akeekamuun ijaarsa ergama isaanii giddu galeeffate akka qabaatan deeggarsa gochuu;
- Ijaarsi dhaabbileewwan kanneenii qabiyyee mindaa fi faayidaa ogeessota beekumsaa fooyya'aa fi dandeettii qaban mindeessuu yookan ramaduu dandeessisu akka ta'u deeggarsa gochuu;
- Hojiilee saffisa danda'ameen dhaabbilee kanneen humna namaa barbaachisu akka guutatan dandeessisan rawwaachuu.

## D. Abbaa Taayitaa Dhaabbilee Waldaa Siivikii

Abbaan Taayitaa dhaabbilee waldaa siivikii, dhaabbata mootummaa waldaalee siivikii galmeessuu, deeggaruu, hojii isaanii si'achiisuu fi qindeessuu akkasumas hojiilee hordoffii fi too'annaa hojjechuuf aangoo qabuudha.

Abbaan taayitichaa sirna hojiirra oolmaa haqa ce'umsaatin wal qabatee itti gaafatamummaa fi hojiiwwan armaan gadii qabaata:-

- Adeemsi raawwii haqa ce'umsaa amanamummaa uummataa akka qabaatuuf dhaabbileen waldaa siivikii hojii hawaasicha beeksisuu fi dammaqsuu akka hojjetan qindeessuu;
- Dhaabbileen waldaa siivikii kutaalee hawaasaa adda addaa kan hammatan/bakka bu'an waan ta'aniif kutaaleen hawaasaa kunneen sirna adeemsa hojiirra oolmaa haqa ce'umsaa keessatti dammaqinaan akka hirmaataniif akka jajjabeessan taasisuu;
- Dhaabbileen waldaa siivikii adeemsa raawwii haqa ce'umsaatiif deeggarsa teeknikaa fi faayinaansii akka taasisan qindeessuu.

## E. Koomishinoota Poolisii Federaalaa fi Naannoo

Dhaabbileen Poolisii Federaala fi Naannoo dhaabbilee mootummaa itti gaafatamummaa fi hojii nagaa fi nageenya hawaasaa eegsisuu qabaniidha. Haala kanaan wal qabatee sirna raawwii adeeemsa haqa ce'umsaa ilaalchisee itti gaafatamummaa fi hojiilee armaan gadii qabu:-

- Dhaabbileen yookan gurmaa'insoonni tooftaalee haqa ce'umsaa hojiirra oolchuuf hundaa'an wayita hojii isaanii hojjetanitti rakkoon nagaa fi tasgabbii akka isaan hin muudanne deeggarsa barbaachisu gochuu;
- Kutaalee sirna haqa ce'umsaa adda addaa hojiirra oolchuuf haala addaatiin eegumsa gochuun barbaachisaa ta'ee yeroo argamutti kanuma raawwachuu.

## F. Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataa

Manni maree bakka bu'oota uummataa qaama labsiiwwan baasuu, raawwii hojii dhaabbilee gamaggamuu fi gaafii uummataa mootummaaf dhiyeessuu fi fala akka argatu gochuuf itti gaafatamummaa qabuudha.

Hojiirra oolmaa haqa ce'umsaatin wal qabatee, manni maree bakka bu'oota uummataa itti gaafatamummaa fi hojiilee armaan gadii qabaata:-

- Seerota tooftaalee haqa ce'umsaa garaa garaa hojiirra oolchuu dandeessisan duursaa fi xiyyeeffannoo kennuun ni mirkaneessa;
- Muudamni Koomishinaroota dhaabbilee hojiirra oolmaa adeemsa sirna haqaatif hundaa'aanii fi Abbootii Seeraa akkaataa ifaa fi hirmaannaa uummataa mirkaneessuun akka raawwatamu taasisa;
- Adeemsi waliigalaa haqa ce'umsaa amanamummaa uummataa akkaataa mirkaneesse, akkaataa karoorfamee fi yaadameen hojiirra oolaa kan jiru ta'uu isaa hordoffii barbaachisaa ni godha, deeggarsa ni taasisa, baajata barbaachisu ni mirkaneessa;
- Dhaabbileen tooftaalee haqa ce'umsaa hojiirra oolchan hojii isaanii sirnaan hojjechuu akka danda'aniif deeggarsa barbaachisu hunda ni kenna.

### G. Ministeera Nagaa

Ministeerri nagaa hojiirra oolmaa haqa ce'umsaatin wal qabatee itti gaafatamummaa fi hojiilee armaan gadii qabaata:-

- Hojiirra oolmaa haqa ce'umsaa ilaalchiseee waliigalteen biyyoolessaa akka uumamuu fi nageenyi gaariin akka ijaaramuuf ministeera haqaa waliin ta'uun hojii hubannoo uumuu fi ijaarsa dandeetti ni hojjeta;
- Nageenyi waaraa akka jiraatuuf yeroo hojiirra olmaa imaammata kanaatti naannolee fi mootummaa federaalaa gidduu akkasumas naannolee gidduutti hojimanni qindoominaa akka jiraatu deeggarsa ni taasisa;
- Haqni ce'umsaa akkaataa nageenya waaraa fiduu danda'uun naannolee hundattuu akkaataa wal fakkaatuun raawwatamaa jiraachuu isaa ni hordofa, deeggarsa ni taasisa;
- Dhimmoonni araaraa fi baraarsadhan ilaalaman biyyattii keessatti nageenya waara mirkaneessuu akka danda'aniif deeggarsa itti fufiinsa qabu ni taasisa;
- Buqqaatonni biyya keessaa adeemsa haqa ce'umsaa keessatti sirnaan keessummaa'uu isaanii, iddootti deebi'uu isaanii fi mirgootni wal fakkaatan kan kabajamaniif ta'uu isaa hordoffii fi deeggarsa ni taasisa;
- Hojiirra oolmaan haqa ce'umsaa biyattiitti nagaa waaraa fiduu akkaataa dandeechisuun akka ta'u ni hojjeta.

### H. Ministeera Dhimma Dubartootaa fi Hawaasummaa

- Imaammaticha keessatti kutaalee hawaasaa xiyyeeffannoo addaa barbaadan ilaalchisee kallattiiwwan kaa'aman raawwatamuu isaanii ni hordofa, deeggarsa barbaachisu ni taasisa;
- Keessattuu miidhaa saalaa waliin wal qabatee deeggarsi xin-sammuu fi gorsaa akkasumas tajaajilli dandamachiisaa miidhamtootaaf haala dhaqqabamaa itti ta'u mijeessa;
- Raawwii haqa ce'umsaa ilaalchisee hojii hubannaa uumuu fi ijaarsa dandeettii kutaaleee hawaasaa xiyyeeffannoo adda barbaadaniif qaamota dhimmichi ilaallatu waliin ta'uun hojiirra oolcha.

### I.Tajaajila Istaatistiksii Itoophiyaa

Ragaalee haqa ce'umsaa waliin wal qabatan akkaataa biyyaa fi dhaloota barnootaa fi seenaaf tajaajiluu danda'uun qindeessee akka faayidaarra oolu gochuuf itti gaafatamummaa qaba.

### J.Dhaabbilee Barnoota Olaanoo

Haala raawwii haqa ce'umsaa keessatti ogeessonni gumaacha ogummaa gochuu danda'an adeemsicharratti akka hirmaatan mijeessuu, hojiilee hubannoo uumuu fi ijaarsa dandeettii deeggaruu fi hojiirra oolchuu;

Hojiiwwan dhaabbileen haqa ce'umsaa hojiirra oolchuu keessatti hirmaatan hojjetaniif hojiilee qo'annoo fi qorannoo gargaaru hojjechuu.

### K. Gahee Dhaabbilee Mootummaa kan Biroo

Dhaabbileen kallattiinis ta'ee al-kallattiin hojiirra oolmaa sirna haqa ce'umsaa waliin gahee qabaatan adeemsichi bu'aa qabeessa akka ta'uuf waan irraa eegamu hunda gochuu qabu. Keessattuu deeggarsa rakkoowwan humna namaa, baajataa fi kan biroo kana fakkaatan dhaabbilee tooftaalee haqa ce'umsaa hojiirra oolchuuf hundaa'an yookan qindaa'an muudatan furuu dandeessisu gochuu qabu.

## 3.1.2. Gahee Qaamolee Qooda Fudhattootaa

### A. Koomishinii Mirga Namoomaa Itoophiyaa

Hojiirra oolmaan haqa ce'umsaa tumaalee mirgoota namooma kan kabaje, miidhamtoota kan giddu

galeeffatee fi qajeeltoowwan imaammatichaa kan kabaje ta'uu isaa ni hordofa, deeggarsa ni kenna.

### B. Koomishinii Marii Biyyoolessaa Itoophiyaa

Adeemsi raawwwii haqa ce'umsaa fi mariin biyyoolessaa akkaataa wal sooruun haala itti ta'uu danda'u mijeessa, qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin qindoominaan hojjeta.

### C. Dhaabbilee Hawaasaa Siivikii

Dhaabbileen hawaasaa siivikii dhaabbilee faayidaa/mirgoota kutaalee hawaasaa garaa garaa bakka bu'aniidha. Kanaafis, dhaabbileen kun kutaan hawaasaa hundumtuu waa'ee sirnaa fi adeemsa haqa ce'umsaa hubannoo gahaa akka qabaatan hubachiisuu, beeksisuu fi sosochiiwwan biyyoolessaa uumuudhaan hojii uummatichi adeemsicharratti miira abbummaatin akka hirmaatu uumuu dandeessisu akka hojjetan taasifama.

Dabalataaanis, dhaabileen hawaasaa siivikii yeroo hojiirraa oolmaa haqa ce'umsaatti kallattii fi dammaqinaan akka hirmaatan, adeemsicha akka deeggaranii fi akka barbaachisummaa isaatti dirreen boqonnaalee/kutaalee adeemsichaa muraasa guutumaa guutuutti ofuma isaanii raawwachiisan ni uumama. Gama kanaan, keessattuu dhaabbileen siivikii biyya keessaa miira abbummaa guutuu ta'een akka hirmaatan taasifama. Dhaabbileen siivikii biyya alaa akka barbaachisummaa isaatti dhaabbilee siivikii biyya keessaa waliin qindaa'uudhaan yookan dhuunfadhaan akkaataa qajeeltoowwan abbummaa uummataa fi geggeessummaa biyyaa kabajeen sirni dhuunfaadhaan adeemsicha irratti hirmaatan ni diriirfama.

### D. Mana Maree waliinii Paartiilee Siyaasaa Itoophiyaa

Manni marichaa raawwii haqa ce'umsaa waliin wal qabatee hojiilee fi itti gaafatamummaa armaan gadii qabaata:-

Adeemsi raawwii haqa ce'umsaa fudhatama uummataa akka qabaatuuf hojiilee hawaasa paartiilee siyaasaa beeksisuu fi dammaqsuu akka hojjetan taasifama;

Paartiileen siyaasaa kutaalee hawaasa garaa garaa kan bakka bu'an waan ta'eef, kutaaleen hawaasaa adeemsa raawwii haqa ce'umsaa keessatti dammaqinaan akka hirmaatan akka jajjabeessan taasifama.

### E. Paartiilee Siyaasaa

Paartiileen siyaasaa dhaabbilee faayidaalee/mirgoota kutaalee hawaasa garaa garaa bakka bu'aniidha. Kanaafis, paartileenn kunneen kutaan hawaasaa hundumtuu waa'ee sirnaa fi adeemsa haqa ce'umsaa hubannoo gahaa akka qabaatan hubachiisuu, beeksisuu fi sosochiiwwan biyyoolessaa uumuudhaan hojii uummatichi adeemsicharratti miira abbummaatin akka hirmaatu uumuu dandeessisu akka hojjetan taasifama.

### F. Gahee Qaamolee Qooda Fudhattoota Biroo

Dhaabbileen kallattiinis ta'ee al-kallattiin hojiirra oolmaa sirna haqa ce'umsaa waliin gahee qabaatan adeemsichi bu'aa qabeessa akka ta'uuf waan irraa eegamu hunda gochuu qabu. Keessattuu, deeggarsa rakkoowwan baajataa fi kanneen biroo kana fakkaatan dhaabbilee tooftaalee haqa ce'umsaa hojiirra oolchuuf hundaa'an yookan qindaa'an muudatan furuu dandeessisu gochuu qabu.

## 3.2. Raawwii, Hordoffii fi Sirna Deeggarsaa Imaammatichaa

Imaammatni haqa ce'umsaa kun akkaataa barbaadamuun hojiirra akka ooluuf sirna hordoffii fi deeggarsaa of danda'e qabaachuu qaba. Dhaabbilee fi gurmaa'insoonni imaammata kana keessatti kaa'aman hanga dhaabbatanii akkasumas gurmaa'anii hojii eegalanitti, akkasumas hojii isaanii erga eegalaniin boodas bu'aa qabeessa ta'anii akka itti fufan gochuuf sirni hordoffii fi deeggarsaa qindaa'ee fi wal simate jiraachuu qaba.

Kutaa 3.1.1. armaan olii jalatti aangoon hojimaata qindoominaa bu'ureessuu ministeera haqaa tif kennamee fi gurmaa'insi dhaabbilee danuu fi dhaabbilee haawaasa siivikii dhimmumaa kanaaf yaadame uumamuun isaa akkuma jirutti ta'ee, imaammatichi qixa sirrii ta'een lafatti bu'ee hojiirra ooluu isaa 'karoorri raawwii imaammataa/roadmap' adeemsa tarree agarsiisu ni qophaa'a. Karoorri tarree hojiiwwan erga imaammatichi mirkanaa'een booda hojjetaman maal maal akka ta'an, duraa

duuba isaanii, yoom akka raawwataman, eenyun akka raawwatamanii fi itii gaafatamummaa fi hojiileen dhaabbilee imaammata kana irratti ilaalamanii maal akka ta'an kan agarsiisudha. Gurmaa'insi hordoffii Ministeerri Haqaa hundeessus imaammata kanaa fi karooricha ka'umsa godhachuudhan hojiiwwan dhabbilee tokkoon tokkoon isaanii sirnaa fi hojimaata qindoominaa bu'ureeffachuun akka raawwataman dhaabbiidhaan hojii hordoffii fi deeggarsaa kan hojjetu ta'a.

